# GALAALCHA DIRREE

Iddoon kun beeksisaaf banaadha Dhaabileen Tajaajilaa fi Oomisha keessan beeksisuu barbaaddaniif lakkoofsa bilbilaa 0915039254 nu qunnamuu ni dandeessu

Bara 2 | Lakk. 98 | Maxxansa Torbe | Roobii | Guraandhala / 29 / 2015 ALI | Gatii Qar. 2:00


## Guyyaan Injifannoo Adwaa 127ffaa Dirree Dhawaatti Haala Miidhagaan Kabajame.

Guyyaan Injifannoo Adwaa guyyaa sabaafi sablammoonni Itoophiyaa tukkummaadhaan ka'anii weerartuu Xaaliyaan kan meeshaa waraanaa ammayyaa taankiifi xiyyaaraan deeggarame onnee guutuun mormmatee injifachuun olaantummaa warra adii cabsee gurraacha Afrikaa boquu olqabachiisa guyyaa injifannoo bara kabajannu, bara kanas yeroo 127ffaaf mata duree "tokkummaa , gootummaa fi kutannoo " jedhuun Magaalaa Dirree Dhawaatti haala miidhagina qabuun kabajamee jira.

Sirna ayyaana kanaarratti argamuun haasaa kan taasisan Kantibaa Itti Aanaa Bulchinsa Dirree Dhawaafi Hogganaa Biiraa Daldala, Industiriifi Invastimantii Bulchinsa Dirree Dhawaa Obbo Harbii Buuh Guyyaan Injifannoo Adwaa guyyaa injifannoo Itoophiyaanotaa qofa osoo hintaane guyyaa injifannoo Afrikaanota hundaa tahuu eeruun akkuma akaakayyuufi abaabayyuun keenya wareegama qaalii kaffaluun birmadummaa biyya keenyaa eegsisuun kabaja nutti horan nu dhaloonni ammaas birmadummaa keenya





itti fufsiisaa biyyi keenya sadarkaa guddinaafi badhaadhinaatiinis akka olfuudhamurratti tokkummaan cimnee hojjechuu qabna jedhan.

Sirna kabaja Ayyaanichaarratti agarsiisni Raayyaa Ittisaafi poolisii federaalaa, poolisii Dirree Dhawaa, humna qilleensaa, poolisii mana amala sirreessaa humna nageenyaatiin kan godhame yommuu ta'u sirboonnifi akkasumaaf walaloowwan Afaan Oromoo ,Amaariffaafi Afaan Somaaleen dhihaachuun ayyynichi miidhaginaan gaggeeffame.

Ayyaanichi Faaruu Alaabaatiin kan goolabame yommuu ta'u, Afa-yaaiin

*Gara fuula 5 tti naanna'e*

## Kollejjoonni Leenjii Ogummaaf Teeknikaa hunduu dameewwan barnootaa beekkamtii itti argataniifi ulaagaalee ministerri barnootaa kaa'een barattoota simatanii leenjisuu qabu jedhame.

Ejinsiin Leenjii Barnoota Ogummaafi Teeknikaa Dirree Dhawaa barattoota qorumsa kutaa 12ffaa bara 2014 fudhatanii gara dhaabbilee leenjiitti seenuu danda'an 2175 simachuun leenjisuuf haaldureewwan mijjeessuun qophii tahuu beeksise.

Biiroo Ogummaa Hojiifi Misooma Teknoolojii Bulchinsa Dirree Dhawaatti Daayreektarri Ejensii Leenjii Barnoota Ogummaafi Teeknikaa Aadde Faxxum Musxafaa Har'a ibsa Gaazeexeessitootaaf kennaniin leenjitoota bara 2015 simachuun barsiisuufi qophii tahuu ibsuun kollejjoonni leenjitoota kanneen fudhatanii barsiisuuf danda'uusaanii mirkaneessuuf hojiileen deeggarsaafi to'annoo hojjetamuu addeessan.

Bulchinsatti Kollejjoonni mootummaa 2fi dhuunfaa 6 ejensicha jalatti kan argaman yommuu ta'u, kollejjoonni



kunneen gama tokkoon humna nama baratee qulqullinaan oomishuun paarkiiwwan industirii, wiirtuu geejjiba gogaafi buufata gabaa bilisaa magaalattii dhaabbataniif qopheessuufi gama biraan hojidhabdummaa xiqqeessuurratti xiyyeeffachuun hojjechuu akka qaban dhaamaniiru.

Kollejjoonni kanaan dura kollejjoonni barattoota kutaa 10ffaaxumuran simatanii barsiisaa kan turan bara kanarraa jalqabee akkaataa qabxii taa'eefi damee barnootaatiin akkasumaas akkaataa ulaagaaleefi damee barnootaa beekkamtii itti fudhataniitiin barattoota kutaa 12 faa xumuran qofa fudhachuun leenjisuu akka qabanfi akkaataa ulaagaalee ministeerri barnootaa kaa'een alatti koollejjiin barattoota simatee leenjisu argamnaan tarkaanfiin kan irratti fudhatamu tahuus Aadde Faxxum dhaamaniiru.

*Gara fuula 7 tti naanna'e*

## Barattoota Qormaata Biyyooleessaa Kutaa 12ffaa Bara 2015 fudhatanii qabxii foyyeeffachuuf (remedial pirogram) Yunuvarsitii seenanii barumsa hordofaniif Sagantaan gaggeessaa taasifame.



Hogganaa Itti Aanaa Biiroo Barnootaa Bulchinsa Dirree Dhawaa waltajjicharratti haasaa taasisaniin qabxiin bara kana isin argattan qabxii hunda keenyaati. Qabxiin akka bulchinsa Dirree Dhawaatti dhufe qulqullinni barnootaa sadarkaa gad-aanaarra jiraachuu mul'isa .Haata'uu malee qabxii gad-aanaa galmeessine jennee abdii hinkutannu. Isinis cimtanii hojjettanii qabxii kana jijjiiruun akkasumaas naamusaafi amala gaariidhaan hojjettanii maqaa Bulchinsaa akka waamsistan abdii isinirraa qabnas jedhan.

*Gara fuula 3 tti naanna'e*

**Jaalalaa Fi Dhiifamaan Idaa'amuun Bu'ura Jabaa Amna Badhaadhina Keenyaati!!**

# GATII YEROO

Fitsum Asfawutin

Yeroon qabeenya qabeenyaan oliiti Namni yeroo isaaf kennametti fayyadamu Nama hubataadha.

Yerootti fayyadamuun dandeettii xiyyeeffannoo namaa guddisa.Xiyyeeffannoon fiixaan bahuumsa karoora keenyaaf humna jalqabaati.

Namoonni gatii yeroo beekan yommuu dubbatan:Yakki guddaan akka yeroo balleessuu, addunyaa kana irra hin jiru." jedhu. "Yeroon kan akeekaati, akeeknis kan yerooti."

Ogeeyyiin fayyaa maaliif "time is life" yookiin yeroon jireenya jedhu beektaa?? Sababni isaa lubbuu namaa darbuuf daqiiqaa muraasni hafe du'a oolchu waan ta'eef.

Atileetiin yookiin warri fiigan "Time is gold" yookiin yeroon warqiidha maaliif jedhu itti yaaddee jirtaa? Sababni isaa yeroo isaaniif kenname Sana keessatti fiiganii maayikiroo sekondiidhaan dursanii mo'achuun warqii argatu waan ta'eef.

(#) QAJEELFAMOOTA YEROO

1/ Yeroon Ni darba: Yeroo har'aaf siif kenname deebitee boru argachuu hin dandeessu. Boru waan haaraa baatee dhufa.

2/ Yeroon akeekaaf namaaf kennama: Karooraan yoo itti fayyadamne waan haaraa hojjachuu dandeessisa.

3/ Yeroon siif gaddee dhaabatee si hin eegu: Wanti har'a utuu hin xumuramin hafe, yeroo itti aanutti darba. Wanta har'a hojjachuu dandeessu har'uma xumuri malee boriif hin olkaa'in!

- Moo'attoonni hojii boru hojjetan ar'a hojjetu!

- Giddu-galeessonni hojii har'a hojjetan har'uma hojjetu!

- Namoonni kufan hojii kaleessaa har'a hojjetu. Yerootti fayyadamuuf ogummaa cimaa gaafata.

Uumamni xixiqqoon Kan akka mixii yoo ilaalle halkanii fi guyyaa; wanta guddaa hojjatu.Hanga bu'aa jireenyaa kee hubattutti bu'aa yeroo hin hubattu, hanga bu'aa yeroo hubattutti waan tokkollee hojjechuu hin dandeessu" jedha.

Yeroon jireenya, jireenyi yeroo dhaan murtaa'a. Yeroon akkaataa jireenyi keenya bu'a qabeessa ta'u murteessa.

Yeroo qusachuun Nama hundatti ulfaachuu Ni danda'a. Garuu ammoo hamma danda'ameen yeroo qusachuun gaariidha. Yeroon qabeenya qabeenya caaluudha. Yeroo qusachuu jechuun ofiif yaaduu jechuudha. Ammas yeroo qusachuun jireenya keenya gaggeessuuf murtoo jalqabaati.

(1) INJIIFATAA ykn MOO'ATAA TA'AA

Moo'attoonni yeroo mara furmaata barbaaduu irratti xiyyeefatu. Moo'amtoonni garuu rakkoo irratti xiyyeeffatu.



\1/ Moo'attoonni yeroo mara jireenya isaaniif sagantaa qabu. Moo'amtoonni garuu sagantaa dhabuu isaaniif sababa garaagaraa dhiheessu.

\2/ Moo'ataan "siifan hojjedha" siin jedha. Moo'atamaan garuu "Kun hojii Koo miti, ana hin ilaallatu" siin jedha.

\3/ Moo'ataan rakkoo kamiifiyyuu furmaata barbaada. Moo'atamaan garuu furmaata kamiifiyyuu hanqina yookin mudaa barbaada.

\4/ Moo'ataan "ulfaachuu danda'a garuu hojjechuun ni danda'ama" siin jedha. Moo'atamaan immoo, "Gochuun ni danda'ama garuu ulfaataadha" siin jedha.

\5/ Moo'ataan wayita dogoggoru "nan dogoggore" jedha. Moo'atamaan immoo "Dogoggora koo miti" jedha.

\6/ Moo'ataan waan hojjechuu qabu Ni murteeffata. Moo'atamaan garuu yeroo biraa akka hojjetu waadaa siif seena.

\7/ Moo'attoonni mul'ata qabu. Moo'amtoonni hawwii qabu.

\8/ Moo'attoonni "hojjechuun qaba" jedhu. Moo'amtoonni immoo "hojjetamuu qaba" siin jedhu.

\9/ Moo'attoonni garee tokkotti makamanii waliin hojjechuu Ni danda'u. Moo'amtoonni garuu hin danda'an.

\10/ Moo'attoonni waan argatan yaadu. Moo'amtoonni immoo waan dhaban yaadu

(@)GORSA GAGGAARII tokoon jabaa isinin jedhakaa Milkaa'ina Jireenya keti hubachu akka qabdun sitt hima

; Lafa kana irratti namni tasa yookiin akkasumaan uumame hin jiru.

; Namni kophaa ofii jiraachuu danda'u hin jiru.

; Jecha ofiif kennitu ilaalladhu!

; Ilaalcha ati ittiin of miite caalatti Kan si miidhu hin jiru.

; Jireenya keetiif eeggannoo cimaa godhi!

; Wantootatti of hin madaalin!

; Jecha namaaf utuu hin ta'in hojii keetiif iddoo kenni!

; Yeroo qabdu utuu hin dabarsin itti dhimma ba'i!

; Milkaa'inni fagoo miti, dhiyoo dha.

; Wanta dandeessu hojjechuuf of hin qabin!

; Waan hojjechuu dandeessu hojjechuuf gatii si baasisu sodaattee fiixaan ba'uumsa irraa duubatti hin deebi'in! Wanti gatii guddaa qabu tola hin argamu

Gaafa sochii eegaltu sirrattis sochiitu eegalama. Waa'een kee karaa lamaan odeeffamuu itti fufa. Kaan sababa malee si jibba, sirratti odeessa, maqaa kee faalee dhiisuu dida, dhagaa filee sitti darbata.Kaan immoo ofitti si waama, harka walitti siif rukuta, dibbee siif reeba! Eeyyeen kanatu jira! Kun jiraachuu isaa hubachuufi kanaaf deebii akkamii akka laattuus of harkaa qabaachuutu si ceesisa.

Kan akkan taaneen si hordofu hin hordofiin. "Jaldeessa faana

Dhahuun hallayyaa nama buusa!" jedha Oromoon yeroo mammaaku. Kan sitti wacu gargaartee sagalee wacaa ol kaasuun, gurra gara kaayyoo kee hin butuchiin; dhagaa sitti darbamuu walitti qabi, riqicha ce'umsaafi mana galmaa ittiin ijaarratta; jechoota sin ilaalle sitti maxxanan immoo akka dubbii waa'ee hinbaafneefi balfa gatamaatti fageenyatti ofirra eegadhu. Kanuma, Kan si faarsu faana of hinfaarsiin; gaafa inni si arabsu faanaof arrabsuu Malta.

Sagalee weedduu iddoo siif hinmalletti miirri siif ennu dhageessee, weedduufi gonfoo gaara mo'ichaa irraa akkahinhafnetti of eegi.

Badhaasa siif kennamu adda baasii beeki.

Badhaasnifi jajabeessi sif hinmallee itti quufinsa sobaa si gonfachiisuun karaa jal'uurra si qajeelchu.Eeyyeen, Kan sif laatu kennaa isaa dura, eenyummaa isaa adda baasi. Hubataa ta'i! Kan sifif jibbu jaalattee, Kan si jibbu hinjibbiin.

Kan siif reebu ol kaastee, Kan si reebu reebuuf yeroofi anniisaa kee hin gubiin. Kana hundumaa, akka galumsaatti keessummeessuu akka dandeessuuf ogummaa dabaladhu.

"Yaa ol adeemaa Koo! Namni maal naan jedhaa? Waan namni sinjedhu jijiree hin argamu; garuu eenyummaan kee gooftaa waan siin jedhamuuti.Kanaaf ofitti amanummaa kee gabbisii qabadhu! Akka siin jedhan ta'uuf osoo hintaane, akka taatee argamtu akka jedhamtuuf dalagi. Hamma geessus hin ibsiin; hammi geessu sunuu ragaadha. Hundaaf gurra ergisuunis gurra kaayyoo ofiitti dugda gatuu akka ta'e yaadaan qabadhuu deemsa itti fufi. Imala milki!

(2) YEROO

Jaarraa tokko dura addunyaan Kun dhaloota biraaf kennamte; isaan itti hojjetanii, jiraatanis darban, Har'a dhaloota biraaf laatamte, lafti Kun! Isaan keessaa aniifi ati tokko, fudhanneerra!

Nu harkaa fuudhamuufi sa'aatiin lakkaa'amaa jira;

Gaafa yeroon gahe miliquun hin yaalamuu qofa osoon taane hin yaadamuyyuu. Yerootti hojjechaa jirraa laata, Daa'imni har'aa bor dargaggeessa;

Dardaraan har'aas bor manguddoo dha, Manguddoomnaan humni hin jiru; akka yaadanis hin kaatani, Gaafa humni jiru yoo waa olin keenye booda harka namaa ilaaluu ta'a, Kanaafuu yerichatti haa hojjennu; boruufi dhalootakeenyaaf waa ol haa keenyu!

(3) Imala keessan dursaatii kana hubadhu!

'Namni maal naan jedhaa? Waan namni siin jedhu jijjiiree hin argamu;

Garuu eenyummaan kee gooftaa waan siin jedhamuuti, Kanaaf ofitti amanummaa kee gabbisii qabadhu! Akka siin jedhan ta'uuf osoo hin taane, akka taatee argamtu akka jedhamtuu dalagi. Hamma geessuus hin ibsiin; hammi geessu sunuu ragaadha. Hundaaf gurra ergisuunis gurra kaayyoo ofiitti dugda gatuu akka ta'e yaadaan qabadhuu deemsa itti fufi. Imala milkii!

Gaafa sochii eegaltu sirrattis sochiitu eegalama. Waa'een kee karaa lamaan odeeffamuu itti fufa. Kaan sababa malee si jibba, sirratti odeessa, maqaa kee faalee dhiisuu dida, dhagaa filee sitti darbata. Kaanimmoo ofitti si waama, harka walitti siif rukuta, dibbee siif reeba! Eeyyeen kanatu jira! Kun jiraachuu isaa hubachuufi kanaaf deebii akkamii akka laattus of harkaa qabaachuutu si ceesisa.

Kan akkan taaneen si hordofu hin hordofiin. "Jaldeessa faana dhahuun hallayyaa nama buusa!" jedha Oromoon yeroo mammaaku. Kan sitti wacu gargaartee sagalee wacaa ol kaasuun, gurra gara kaayyoo kee hin butuchiin, dhagaa sitti darbamuu walitti qabi riqicha ce'umsaafi mana galmaa ittiin ijaarratta, jechoota sin ilaalle sitti maxxanan immoo akka dubbii waa'ee hin baafneefi balfa gatamaatti fageenyatti ofirraa eegi.

Akkanuma, Kan si faarsu faana of hin faarsiin; gaafa si arrabsu faana of arrabsuu Malta. Sagalee weedduu iddoo siif hin malletti miirri siif kennu dhageessee weedduufi gonfoo gaara mo'ichaa irraa akka hin hafnetti of eegi. Badhaasa siif kennamu adda baasii beeki. Badhaasnifi jajjabeessi siif hin mallee itti quufinsa sobaa si gonfachiisuun karaa jal'uurra si qajeelchu. Eeyyeen, Kan siif laatu kennaa isaa dura, eenyummaa isaa adda baasi. Hubataa ta'i!

**Itti Fufa ..**

# Ijoo Dubbii

## Fedhii Daldaltoota Siyaasaa, Biyya Tasgabbii Dhorkuu...

Guddina biyya tokkoo mirkaneessuuf siyaasaa fi diinagdee tasgabbii qabu mirkaneessuun murteessaadha.

Tasgabbiin siyaas diinagdee jiraachuun fayyadamummaa lammiilee hunda galeessa ta'e mirkaneessuu, nageenya itti fufiinsa qabu dhugoomsuu akkasumas ijaarsa sirna diimokraasii cimsuu keessatti shoora ol'aanaa ta'e qaba.

Siyaasni fi diinagdeen biyyaa tasgabbii hin qabaatu taanaan sochiin nageenyaa fi misoomaa gaaffii keessa gala. Lammiileen bilisummaa goonfatanii misooma biyyaa keessatti qixa hirmaachuu fi fayyadamaa ta'uuf ni rakkatu. Kun ammoo biyya gara qarqara hiyyummaatti qajeelchuun gamatti nagaaf tasgabbii quucarsee jeequmsaafi walitti bu'iinsaf daandii saaqa.

Daldaltootni siyaasaa fedhii isaanii galmaan gahachuuf jecha biyya tasgabbii dhorkuuf carraaqu. Jeeqamni biyyaa isaaniif soorata filatamaa, gaaga'amni diinagdee fi siyaasaa ammoo madda galii isaanii isa ol'aanaadha. Faayidaa dhuunfaa isaanii mirkaneeffachuuf carraa argatan hundatti fayyadamu. Amantaa daheeffatanii fedhii siyaasaa tarkaanfachiisuu, lammiilee gidduutti obbolummaan dhabamee wal shakkii fi walitti bu'iinsi akka babal'atu taasisuu fi carraawwan biroo jiran hundatti dhimma bahuudhaan faayidaa isaaniitiif akka tolutti dirree mijataa uummatanii biyya tasgabbii dhorku.

Biyya tasgabbii amansiisaa qabdu, kan tokkummaan lammiilee cimaa ta'ee fi obbolummaan sab daneessummaa bu'uureffate itti mirkanaahe keessatti daldaltootni siyaasaa hawwii isaanii dhugoomsuu akkasumas fedhii qaban galmaan gahuuf ni rakkatu. Kana irraa ka'aniitis nageenya lammiilee booressuu fi biyya diiguuf halkaniif guyyaa karoorsanii hojjatu.

Shirri daldaltoota siyaasaa misooma, nageenyaa fi badhaadhina biyyaatiif gufuu guddaa waan ta'eef lammiin hunduu fedhii fi hawwii qaamolee kanneenii qixaan hubachuudhaan irratti qabsaahuu fi qolachuun murteessaadha.

# Ajandaa

## Waliigalteen Biyyaalessaa Imala Badhaadhina Walootiif Murteessaadha.

Dhalootni biyya isaa jaallatu hunduu dhimmoota biyyaalessaa murteessoo ta'an irratti walii galtee uumuun daran barbaachisaadha. Walii galteen biyyaalessaa kun dhimmoota siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa fi kanneen biroo irratti ilaalama waloo qabaachuu irratti kan xiyyeeffatudha.

Biyya ykn maatii tokko keessa akkuma yaadaa fi ilaalchi garaa garaa jiru, uummannis dhimma tokko irratti ilaalcha wal fakkaataa ta'e qabaachuu dhiisuu ni mala. Ta'us garaagarummaa jiru dhiphisanii dhimmoota biyyoolessaa bu'uura ta'an irratti akkaataa faayidaa biyyaa mirkaneessuu danda'uun waliin hojjachuun murteessaadha.

Sadarkaa biyyaatti dhimmoota gurguddoo walii galteen uummataa irratti hin uumamin adda baasuudhaan sirreessaa ilaalchaa fi walii galtee walootis dagaagsaa adeemuun gahee dhaloota har'aati.

Imala jijjiiramaa akka biyyaatti eegalame ariifachiisuudhaan badhaadhina waloo dhugoomsuudhaaf garaagarummaa caalaa tokkummaa fi obbolummaa cimsuun barbaachisaadha. Dhimmoota biyyaalessaa irratti wal hubannaa fi walii galtee uumuu danda'uun keenya ammo imala eegalametti humna dabaluudhaan mul'ata keenya dhugoomsuuf shoora guddaa ta'e taphata.

Sochiin marii waliigaltee biyyaalessaa uumuuf akka biyyaatti eegalame lammiilee gidduutti dhimmoota ka'umsa wal dhabdee ta'anii fi wal hubannaan irratti hin uumaminiif furmaata kennu kan kaayyeffate yemmuu ta'u, mariin kun yeroo fi sagantaa kaa'ameen akka gaggeeffamuu fi milkaahu goochuu keessatti lammiin hunduu gahee irraa eegamu bahachuu qaba.

## Barattoota . . .

*Fuula 1 irraa naanna'e*

Sagantaa kanarratti argamuun muuxannoo jireenyaarratti gorsa kan kennaan Pirezidaantii Yunivarsitii Dirree Dhawaa duraanii Dr. Yaared Maammoo haasaa taasisaniin isin har'a qabxii seensa yunivarsitii hingalmeessine jettanii akka abdii hinkutanne, qabxii kana jijjiiruuf carraa bal'aa akka qabdan, umrii ijoollummaa keessan kanatti waan hundumaa injifachuu akka dandeessan, akkaataa qo'annoo keessan saganteessuufi karoora keessaniif hogganamuun waliin qo'achuuf mureessuufi murtee kanatti hojjechuu dandeenyaan qabxii kana jijjiiruu bira darbee biyya kana gara guddinaatti jijjiiruuyyuu dandeessu; seenaa jijjiiruu dandeessu jedhaniiru.

Yeroo ammaa kanatti baeekumsi harka keessan jira. Beekumsa google irra jiru gaaffii ykn qormaata hojjechuuf otuu hintaane, beekumsaafi muuxannoo irraa argachuuf fayyadamuuqabdu jedhan Dr.Yaared.

Itti Dabaluunis Dr. Yaared Barataa Yuniversitii ta'uuf karrarra jirtu; ol seenuuf carraafi humnas qabdu; humnaafi carraa qabdan kana sirnaan itti fayyadamnaan, sababa malee oliifi gad jooruurraa baannaan yuniversiticharraa beekumsaafi muuxannoo jireenya keessan itti injifattaniifi biyya itti jijjiirtan sinqeeffattanii baatu jedhan.

Hedduun keessan interneetii waliin walitti hidhamtaniittu. Garuu kana gara hintaanetti fayyadamnaan gara maraatuuttifi araada hintaanetti baatu;yoo interneetii gara beekumsaafi muuxannootti geeddarattan nama yeroo cimaa taatu jechuun gorsaniiru.

Guyyaa kanatti barattoonni 931 barumsa qabxii foyyennaa kana akka hordofaniif gaggeessaan kan taasifameef yommuu ta'u, gaggeessitoonni Biiroo Barnootaa Bulchinsaafi dura-bu'oonni manneen barnootaa Sad. 2ffaa argamaniiru.

Iliyaas Aammeetiin

GALAALCHA DIRREE

Biiroo Dhimmoota Koominikeeshinii Mootummaa
Bulchiinsa Dirree Dhawaa
Torbanitti kan maxxanfamuu Ebla 18/2013 A.L.H kan jalqabame

Roobii - Guraandhala / 29 / 2015 ALI

Qopheessaan Ol'aanaan
Abdii Adam
(0915039254)

Gulaalaan
Iliyaas Aamee

Qopheessitoonni
Yaassiin Abdallaa
Muktar Ahmad

Photographer
Selaam Abebe

Laayaawutii fi Diizaayinii
Sammaan Musxafa

Bilbila :- 025 111 60 61
Fax :- 025 111 49 72
Email :- info pubbure@yahoo.com
Website :- www.direcomm.gov.et
Facebook :- Dire Dawa Government Communication Affairs Bureau
Youtube :- Dire Dawa Government Communication Affairs Bureau

# Afaan Oromoo Keessatti Ittifayyadama Maxxantootaa

Afaan Oromoo erga ifatti afaan hojiifi barnootaa ta'ee tajaajiluu eegalee waggoonni lakkaa'amaniiru.

Barumsi afaanichaa ammaan tana caasaalee barnootaa sadarkaa gadiirraa eegalee hanga dhaabbilee barnoota olaanaatti kennamaa jira.

Waajjiraalee mootummaa keessumaa Oromiyaatti afaan hojii ta'ee tajaajilaa jira.

Kana malees ammaan tana miidiyaaleen adda addaa afaanichatti bal'inaan fayyadamaa jiru.

Fayyadamuun akkuma jirutti ta'ee, garuu haalli qubeessa afaanichaafi ittifayyadama jechoota keessumaa jechoota hirkatoo (maxxantootaa) dhimma xiyyeeffannaa olaanaa barbaaduudha.

Guddina afaanichaa si'eessuufi bu'uurasaas jabeessuuf haala ittifayyadama jechoota hirkatoo buburraa'ee mul'ataa jiru kana gara tokkotti luuccessaa, darbees walitti fidaa deemuun daran murteessaadha.

Xiyyeeffannaan barreeffama kanaas ittifayyadama jechoota hirkatoo, ergifannaafi sadarkeessituurratti.

Jecha jechuun, tuuta sagaleewwan (qubeelee) kanneen hiika kennuuf walta'aniifi oggaa barreeffamanis kan walitti maxxanfamanii katabaman jechuudha. Fakkeenyaaf: siree, huccuu, ilillii, tolche, qorsa, matajaboo, Asgorii, Olaanaa, addadda, waldaafi kkf.

Jechi mataasaa danda'eetu qofaatti barreeffama. Jechaafi jecha gidduu bakki duwwaan (tilmaamaan) jiraachuu qaba. Fakkeenyaaf: mana guddaa dulloomaa.

Jechoonni hirkatoofi of danda'oo jedhamanii bakka lamatti qoodamu. Jechoonni of danda'oon qabiyyeefi tajaajilaan addaan bahu.

Jechi fufamtoota duraafi booda ofitti fufata (maxxanfata). Fakkeenyaaf: osoo isa duraa hinxumurin kan biraatti cehuun sitti haahafu. Dhirsaafi niitiin ijaafi adaamii walitti ta'uunsaanii namaaf hingalu.

Jechoota hirkatoo jechuun birkii afaanii isa xiqqaa ta'ee yoo jechatti hirkate, kanneen hiika guutuu kennuu danda'an jechuudha. Yookaan kitaabonni tokko tokko,'Some words are unable to stand alone as independent forms for phonological preseasons. Such elements, called clitics are short unstressed forms that are pronounced together with another element as if the two were a single unit' jechuun ibsu.

• Jechoonni hirkatoon akka jechoota biroo yeroo mara of danda'oo miti.

• Unkaaleen akka jechaa of hindandeenye kanneen of danda'oo ta'an jiru.

• Unkaaleen akka dhamjecha hortee ykn uumamtee jecha horsiisuuf ykn jecha haaraa uumuuf kan tajaajilan miti.

• Jechoota hirkatoo jedhaman keessaa kanneen of danda'an nijiru.

• Dhamjechoonni uumamtee garuu of hindanda'an.

**Afaan Oromoo keessatti ittifayyadama maxxantootaa**

• Jechoon hirkatoon otoo hundee hinfilatiin idduma hundatti hirkatu.

Afaan Oromoo keessatti kanneen jechoota hirkatoo jedhaman al, -ti,-f, -if, -dha, -illee, immoo, irra, itti, ni, hin fa'i.

Akaakuuwwan hirkattoota Afaan Oromoo lama. Isaanis, hirkattoota duraa ykn duree ('top or proclitic')fi boodaa ykn duubee ('enclitic') jedhamu.

Hirkatoo dureen hundeerraa gara mirgaatti argamu. Fakkeenyaaf: nijiru, hindhufne. Bakki itti argama duubee ammoo hundeerraa gara bitaatti. Fakkeenyaaf: Oromoodha, kan Oromooti.

Afaan Oromoo keessatti kanneen yeroo mara hundeerratti hirkatan -dha, -ti, -fi, -f yoo ta'an, irra, isa/ishee, jirafaan ammoo yeroo tokko tokko hirkatu.

Jechoonni hirkatoon haala idileefi al idileetiin fufamanis ni jiru. Fakkeenyaaf: inni mana (alidilee). Inni mana jira (idilee).

Jechoonni hirkatoon gareedhaan oggaa ilaalamanis 'ti'fi 'dha' gochima gargaartuudha. Isa/ishee, isaan bamaqoota. -'fi'n qabsiistuudha. Durduubeewwanimmoo -tti, -irra, -n fa'i.

Walumaagalatti, hirkattoota duraa jecha ittihirkatan waliin ilaaluuf:

haa- haata'ukaa, haahafu, haatolu, haadeemnu.

hin- hindabu, hincabu, hinsarmu.

Irra-irrajireessa, irradeebii, irraajala, irraamaqe, irraagate.

itti- ittafaa, ittaanaa, ittidhiisi! ittita'e, ittijira, ittimale, ittitaphate,

nan (nin)- nanbeeka (ninbeeka), nanfedha (ninfedha.

ni- nibeekna, nimoona, nita'a, nifedha, nibarbaada, nijira.

waa-waamara beekuun hindanda'mu. Waamalee manni hinaaru.

• Hirkattoota duraa keessaa: haa-, hin-, itti-… qofaasaaniitti sagalee ta'uunsaanii hubatamee jechatti fufamanii yoo barreeffaman hiika guutuu kennuu danda'u. Haalliifi amallisaanii qoratamee akkaataan amma ittibarreeffamaa jiran furmaata argachuu mala.

Keessumaa 'hin'fi 'haa'n akka jechaatti qofaatti of danda'anii akka barreeffaman Koreen Waaltina Afaan Oromoo altokko ibsaa tureera.

Hirkattoonni kunniin jechoota mataasaaniitiin hiika qabaachuu baatanis jechoota biroo wajjin dhaabbatanii hiika jechootaarratti dhiibbaa qabu. Jechi tokko ennaa barreeffamu argaaf kan hintolle ta'ee yeroo dubbifamu sochiin ijaa keessumaa kan ijoollee ilaalcha keessa galuu qaba.

Sababasaas fakkeenya ittaanuun haa ilaallu.

Hin nyaatu (sirrii)□

Hinyaatu (dogoggora)□

Haagallu (dogoggora)□

Haa gallu (sirrii)□

• Yeroo dubbatamu, akka fufamtoota duraatti kan hirkatu nijira. Innis 'kan' dha.

Fakkeenyaaf:

1) Kansaa kenniif.

2) Kan ta'uu qabu nita'a.

3) Kan biroo hinjiru.

Hirkattoota duubee

Jechatti yoo fufaman

-f, kanaaf, anaaf, ammaaf, Galgaloof, namaaf. Fuftuun -f'n qabiyyee ('preposition') waan taateef nihirkatti.

-dha'n dubbachiistuu dheeraatti hirkatee gala. Fakkenyaaf: beekamaadha.

-ti, ta'uusaati, Oromiyaaan kan Oromooti.

-fi'n fuftuu (conjuction) taatuyyuu, sagalee tokko qofa waan qabduuf, akkasumas, akkaataa ummanni dubbatu yoo qalbeeffanne qofaatti barreessuun nifilatama kanneen jedhanis jiru.

-fi' yoo osoo hinfufiin barreeffame matadureee keessatti -f' guddaa taasisuu feesisa. Fakkeenyaaf 'Magaalaa Fi Baadiyyaa'.

-f'fi fi'n akkaataa dubbatamanitti (sagaleeffamanitti) sagaleen isaan uumamaan qaban tokko waan ta'eef adda baafachuuf, isa tokkotti (fuftuutti) 'i'n dabalameera.

Lameenuu qooda garaagaraa waan qabaniif isaan adda baafanna.

Lameenuu amala hirkachuu niqabu. Kana jechuunis, jecha isaan itti hirkatantu 'i', sagalee ofii dheeressuun ofitti fufatu jechuudha.

Fakkeenyaaf:

1. Anaaf kennuun haaturuu; mee dura isaafi isheetti kenni.

2. Dhirsaafi niitiitu wallolee, walitti araarsi yaa itillee.

3. Obboleessaafi obboleettiitu, ijaafi adaamii walitti ta'an.

4. Fakkeenyaaf ani achuman ture.

Garuu, waatokko hinturre.

Wayita dubbataman amala fufamtoota boodaa kan qaban nijiru. Amala fufamtoota boodaa qabaachuusaanii kan nuuf akeeku sagaleetu (qubeetu) liqimfamee hafa.

-illee har'allee, ammallee, kunillee, tokkollee, ta'ullee….

-iyyuu- "Kanayyuu warri rafnaani jette sareen." Ammayyuu ittuman jira.

-ishee (ishii) -Kun kansheeti.

Afaan Oromoo keessatti kanneen sagalee tokko qofa qaban ( 'kaa', 'ree, koo…) yeroo dubbataman nifufamu (ni hirkatu).

Fakkeenyaaf:

-kaa akkanakaa! Jedhikaa! Dafikaa! Tolekaa! Maalookaa!

-ree haata'uuree!, mitiiree!, jetteeree!.

-koo Yaadakoo deeggaruun dirqama miti.

-kee - Yaadakee nandeeggara.

Xumura

Afaan Oromoo barreessuuf akkaataa hawaasichi ittidubbataa jiru yoo qalbeeffanne gabaabsanii yaada ofii ibsuun barbaachisaa ta'uu hubanna.

Barreeffama keessattis yeroo hirkattoonni fufamanii barreeffaman qubeewwan hafuu qaban nijiru.

Kunimmoo waraqaa, qalama, yeroofi humna qusachuuf waan gargaaruuf barreessitoota biratti bakka guddaa qaba.

Walitti maxxananii yoo barreeffaman dubbisuuf daran nama gargaara. Ijji nama dubbisuu tokko tokkoo qubeewwanii barbaadee (ilaalee) dubbisuuf hinrakkatu waan ta'eef kanneen hirkachuu qaban walitti maxxansanii barreessuun dansa.

Asirratti keessumaa jechoota teknolojii Afaan Oromootiin oggaa qubeessisnu otoo dheeressuu baannee gaariidha. Qubeessaa dheeressinus gabaabsinus jijjiiramni hiikaa fidu tokkollee waan hinjirreef hunda tarreessinee qubeessuurraa otoo of eeggannee gaariidha.

Fakkeenyaaf teenkooloojii jechuurra teknolojii, yuunivarsiitii jechuurra yunivarsitii, jennee haala qubeessaasaanii waaltessinee otoo ittifayyadamnee gaariidha.

Asirratti namoonni Afaan Oromoo akkuma dubbatamutti barreeffamuu qaba jedhan jiru. Kun dhugaa ta'uu danda'ullee, jechoonni ergifannoon akkanaa hamma hiika ykn ergaa jechichaa hinjirretti calluma jennee qubeelee ittife'uun iddoofi yeroo fixuu malee faayidaa hinqabu.

**Itti Fufa ..**

# "Osoo Rasaasaanuu Nadura Dhaabbatanii Yaada Kiyya Hin Jijjiiru" Artiist Umar Suleemaan:

**Abdii Adamiin**

Sirba qabsootiin kan beekamu artiist Umaar Suleemaan waaggaa 18 booda biyyatti deebi'e

Turtii waggoota 18 booda gara biyyaatti kan deebi'e Artiist Umar Suleeymaan hojiilee isaa fi dhimmoota biro hedduu irratti BBC waliin turtiin taasise kunooti.

Artiist Umaar Suleemaan yeroo hedduu haasa'aan isaa bifa walaloo qaba. Walaloon kennaadhaamoo itti qophoofteeti?

Walaloon lafumaa kaatee yerosuma hin dhuftu itti yaaduu sibarbaachisa. waan dubbachuu barbaaddu sana itti yaaddee akka ishiin walaloon walitti qindooftee mijooftee baatu situ godha malee ishiin ofumaan hin dubbatamtu.

Garuu ani akkanumatti dubbachuu irra walaloon yoon dubbadhe irra naaf taha. Akkastu irra naaf mijata.

Qabsoof bosona seentee turtee?

Ani gaafuma dhaladhuyyuu lafa qabsoottin dhaladhe. Qabsoo ani karaarraa itti hin dhufne keessattin dhaladhe, keessattin guddadhe.

Ummata qabsaahaa keessaan dhaladhe durumayyuu.

Kanaaf lafumti ani itti dhaladheyyuu lafa qabsooti, ummanni ani irraa dhaladhes uummata qabsaahaadha.

Sirboonni ati sirbite yeroo sana sirnaan hawaasaa bira siif gahaniiruu?

Sirbootin ani sirbe kan seeran qindaa'ee naaf gurgurame kaasetan jalqaba baase qofadha.

Kanaan alatti warra hafan anatu walaloo, yeedaloo posteraa itti baasee maxxanse, ummataan gahe malee kan mana muuziqaatti maxxanfame hin jiru.

Namootni ani ergan maxxanseen booda naaf rabsaa jedhee itti kennellee borumtaasaa ni hidhamu ture.

Sababa kanaaf ummanni kaaseta kiyya sana walumarraa waraabbateeti dhoksaan kan dhageefataa ture.

Obbo Mallas waa'eekee dubbateera jedhama kuni dhugaadhaa?


Kana ummatatu jedha ani gaafa sana bakka sana hin turre. Ummata gaafa sana Obbo Mallas Zeenaawiin waan sana itti dubbatetu hima malee ani kallattiin hin dhageenye, kana ummatatu beeka.

Sirbootni kiyya dhaamsa cimaa waan qabuuf qotee bulaan, daldalaan, hundi namaa ittiin dammaqeera.

Gaafa kuni hundi mootummatti gaaffii kaase, Mallas waa'ee kiyya dubbachuu danda'e.

Yeroo ati sirbaan WBO faarsaa turte sana ODP'n nuuf sirbi siin jedhanii turanii?

Kun amma miti gaafa duriiti. Gaafas ijoollee walitti qabanii anas nagaafatanii ture.




Gaafa isaan akkas jedhanii nagaafatan, "lakkii ani aartistii ummmataati, aartiinis kan ummataati, ani kan dhaabaa miti, hojii dhaabaas hin dalagu, waan isin jettan kuni waan amma tahaa jiru waliin hin deemu" jedheen deebiseef namoota yeroo sana nagaafataniif.

"Hojiin amma ani dubbadhuu fi bakki amma ati itti na affeertu kuni waliin hin deemu. Kanaafuu affeerraa kee kanaaf galatoomi garuu, akkasitti hojjechuu hin danda'un" jedheen.

'Gadab jechuun Hasaasa, Umar jechuun rasaasa' kan jedhu maalirraa ka'ameeti?

"Gadab jechuun Hasaasa

Umar jechuun rasaasa

Geerarsisaa dhukaasa

Bakka dhaheen fullaasa

Hamilee saba tiyyaa baaruda onnee ta'ee olkaasa Diina hamilee cabsee dhukkee isarraa kaasa,biyya tiyyarraa baasa" jedha hiikansaa guutuun.

Hasaasa jechuun lafa dirree diriiraadha.

Umar jechuun rasaasa jechuun' jechi ani jedhu suni ilaamee ija gurraattii dhaha. Osoo sodaa tokko irraa hin qabaatin. Osoo mamaa hin godhin.

Wanti ani dubbadhu suni kan irraa hin hir'anne kan irrallee hin darbine, haqaratti kan hirkatte.

Waanin ani geerarsaan himus waan ija kiyyaan arge waan gurra kiyyaan dhagahe kan onnee tiyyaan itti amane qofadha.

Kanaaf ani dursa nama onnee hidhate, lammeessoo nama surrii hidhate, sadaffaan nama tokkummaa Oromoo hidhatee uummata kiyyas hidhachiisu.

Ummanni kiyya qawwee hidhachuun dura onnee akka hidhatu, waan godhu itti yaadee akka godhu, dhumaratti akka tokkummaa isaa cimsuufin hojjechaa ture.

Waan ani hojjedhu rasaasa, bakkan ani dhahe sanammoo dandamatuun hin jiru kanumaafi kan akkas jedhamu.

Yeroo namni dubbachuu sodaatu sana ati akkamitti sirboota warraaqsaa sirbaa turte?

Warrii keenya, akaakileewwan keenya warra osoo namni hirriibaa hin ka'in hirriibaa ka'anidha.

Warra gaafa lola dhombir, lola sobraa fi lola soochoo keessa ture. Ummanni keenya bara sana dura hidhatee wagga torbaaf ofiin ofbulche.

Ani ummata akkanaa keessatti dhaladhee guddadhee waa'ee Oromummaa, waa'ee mirga ofii falmachuu isaanirraan baradhe.

Yeroo sana Oromoon tokkummaan isaa cimee walitti dhufnee turre. Gaafa dhaabni biyyaa bahe ajajni tokkollee hin turre namni garana deemaa garas deemaa jedhu hin turre.

Bitaa mirga laalee gaafa ofbiraa homaa dhabun anumti mataan kiyya of hogganee, qabsaahee, lolee lolchiisuu nan dandaha jedheen murteefadhe.

Gaafan kana murteessu nan jiraadha jedhee yaadeen miti.

Hamman du'utti saba kanaaf waa gumaachuun qaba jedheeni. Wagga tookkotti kaaseeta lama fi sadifaan baasaa ture.

Ofitti murteesseen hojechaa ture waan ta'eef sodaa hin qabu yeros.

Akkamitti warri mootummaa siqabuu dide?

Tokkoffaa ani oliif gadi hin deemu, namas baayyee hin qunnamu nama sadi afur caalaadhaan walitti waan hin dhufneef kuni nabaraare.

Sababa Kanaan namni baayyeenillee nan beeku. Umar jechuu maqaa beeku, nama guddaa wayiifaa sehanii nayaadu.

Kanaaf osoon diinuma birallee dhaabadhee namni anaan akkas godha jedhee yaadu hin jiru.

Kan biraammoo ani yeros karaan amma irra darbe booda irra hin deebi'u. sa'aatiin harra irra darbe borummoo saatii biratin deema.

Yeroo baayyee Manuma taa'ee waanin hojjedhuuf osoon bakka tokkoo hin deemne yeroon torbee lamafaa turutu jira.

warri tika mootummaa siqabuuf mana keessan dhufnaan uffata aayyoo keetii uffatee jalaa miliqxe jedhama kuni dhugaadhaa?

Lakkii kuni dhugaa miti. namootatu haasa'e malee ani takkaa qamisii hin uffadhu.

Osoo natti dhufaniis lubbuuf jedhee qamisii hin uffadhu. Kuni haasaa namoonni taphaaf haasa'an dubbii kolfaati.

Osoo rasaasaanuu nadura dhaabbatanii ani yaada kiyya hin jijjiiru.

Osoon lubbuu tiyyaaf sodaadha tahee jalqabuma qabsoo kanatti maalifin galaayyu?

Hojiinkee gara fuulduraa maal taha?

Wanni kaleessa irraa dubbataa turre bakka kaleessaa dhaabadheen akka kaleessaatti dubbadhe.

Har'ammoo akka amma jirrurraa, waan amma tahaa jirurraa ka'een hojjedha.

Kaleessa akkaataa itti qabsoofnee bilisummaa teenya harkatti galfannu ture. Kaayyoon isaas loltee, lolchiiftee, ajjeestee duutee bilisumman akka dhuftuufi.

Har'ammoo wayita dhufnu kana waamicha nagaatu nuuf godhameeti kan dhufne. Waamicha nagaatiin as jirra jechuudha.

Amma lola kan jedhamu bakka kana hin jiru. Osoo yeroo lola barbaadu ta'ee har'a qotee bulaan keenya Finfinnee dhufee hin dhiichisu ture. As dhufee akkanatti nasimachuun yaa hafuutii namni Oromoo lama wal-arguunuu rakkoo ture.

Akkuma nagana affeeramnee dhufne ummata keenya tasgabbeesinee, nagaa keenyas eegannee, waan arganne sirnaan qabannee tokkumaa keneya cimsuu qabna.

Ummanni keenya bilisoomeera garuu akkatti bilisummaa eeggatu hin arganne. Biilsoome yoon jedhu kaleessa akkanatti baayyatee Finfinnee hin dhufu ture kunumtuu bilisummaa tokko.

Ani namni kaleessa dhokadhee saba kiyyaaf qabsaahaa ture har'a bilisaan galma barkumeetti dhufee haasa'uunuu bilisummaa kiyya.

Kanaaf bilisummaa keenya tikfannee waan nuharka jirullee jabeefannee waan nuhafus fuldura ittuma adeemna.

Hojiin kiyya kana boodaas nagaa jaalattoota hunda cinaa dhaabbachuudha kanin dhufes kanumaafi.

## Guyyaan . . .

*Fuula 1 irraa naanna'e*

Mana Marii Bulchinsa Dirree Dhawaa Aadde Fatiyaa Aden Alaabaa fannisuun mirmirsaniiru.

Kabaja Ayyaana Kanarratti Afa-yaa'ii Mana Marii Bulchinsa Dirree Dhawaa Kabajamtuu Aadde Fatiyaa Aden, Itti Aanaa Kantibaa Bulchinsa Dirree Dhawaa Kabajamoo Obbo Harbii Buuhfi Hogganaa Paartii Badhaadhinaa Bulchinsa Dirree Dhawaa Kabajamoo Obbo Ibraahimfi Komishinari waliigalaa Qajeelcha Poolisii Dirree Dhawaa Obbo Alamuu Magraa dabalatee hoggontanni olaanoofi giddugaleessaa, jiraattoonni Araddaalee baadiyyaafi magaalaa, argamuun ayyaanichaaf miidhagina gonfachiisaniiru.

# Daa'imman Itoophiyaa egeree isaanii miidiyaaleen saamaman

Daa'imman Itoophiyaa egeree isaanii miidiyaaleen saamaman

Sagantaaleen miidiyaa daa'imman keessummaa godhachuun daawwattoonni isaanii immoo ga'eessota ta'an Itoophiyaa keessa baay'achaa jiru

Sagantaaleen bohaartii miidiyaa baay'achuun hordoftoota garaa garaa horachuuf yaalii taasifamun sagantaalee daa'imman keessummaa taasifatan hedduun doowwattoota hedduu hawwachuu akka danda'an oggeettiin guddina daa'immanii Joorgoo Dirribaa taajjabdee jirti.

Oggeessi xin-sammuu fi gorsaa akkasumas hojii gaggeessaan leenjii Obbo Birhaanu Raaboos yaada kanaan waliigalu.

"Daa'imman osoo miidiyaatti hin dhiyaatinu mataansaanii jidduugala xiyyeeffanaati. Daa'imman ilaaluuf, leellisuu dhiisuun, nama hin dhungannee arguun ni ulfaata" jedhu waa'ee jaalala daa'immanii yoo ibsan.

Afaan isaanii ni mi'aawa, sodaafi qaanii tokko malee kan sammuutti dhufe dubbatu. Seequunsaanii haala salphaan gara hordoftootaatti darba, jechuun sababii daa'imman kessummaa sagantaaleef filatamaniif dubbatu.

Joorgoon gama isheetiin, sagantaaleen bohaartii tibbana daa'imman keessummaa taasifatan ijoollee waggaa afurii hanga 10 jidduutti argaman irratti xiyyeeffannaa taasisuu hubachuu dubbatti.

Haata'u malee, sagantaaleen daa'imman keessummaa taasifatan kunneen keessummaan isaanii daa'ima ta'u akka dagatan kaasu oggeessoonni kunneen.

Nageenyi, xiin-sammuuf miirri daa'immanii akkuma salphaatti darbamuun, maallaqni, doowwattoonniifi maqaan kaayyoo waan taasifameef sagantaaleen kunneen daandii irraa goraniiru jechuun akka danda'amu dubbatu.

Sagantaalee kunneen gaheessota bohaaran jiddugala taasifachuun mirga daa'immannii cabsaa jiraachu kaasuu.

Ogeettiin guddina daa'immanii Joorgoo Durbaa, ''jaalatamummaa daa'immanii qofaa yaaduun sagantaa bohaartii ga'eessotaa qopheessuun daa'immaniin daldaluudha.

''Sagantaaleen akkasiii kunneen kaayyoo kan taasifatan gaheessota,'' kan jettu Joorgoon, sagantichi daa'imman kunuunsuu, fayyadamtoota taasisuu kaayyoo waan hin qabneef daa'imti jidduutti miidhamu danda'u jetti.

"Qopheessitoonni daa'imman kana keessaa maal fayyadamu danda'u? maal buufatu? kan jedhu osoo hin dursiin, hordofaan maal buufata, ani hoo maalan buuufadha jechuun yoo ka'an daa'imman miidhamtoota ta'u."

Sagantaaleen dhimma daa'imman irratti xiyyeeffatan, "Daa'imman dhiyaataniifi daa'imman kaan kanarraa maal fayyadamu? … jechuun dursa bashannana isaanii, barnoota, xabaafi tajaajila isaaniif dursa kennu qabaatu" jechuun gorsiti.



Beekamtummaa, ga'eessota bashannansiisuu, maallaqa argachuun dhimma kanatti aanee dhufuu qabuudha jetti.

"Daa'immaniif bilisummaa sammuu, qaamaa fi afuraatu barbaachisa" kan jedhan oggeessii xin-sammuu Obbo Birhaanuun, erga miidiyaaleerratti keessummaa ta'un dhiyaatanii booda garuu bilisummaa isaanii kana akka dhaban dubbatu.

"Daa'imman erga miidiyaarratti dhiyaatanii booda sanuu, hirriba dhabuu danda'u. Keessattuu miidiyaalee hordoftootaafi dowwattoota hedduu qaban irratti erga dhiyaatanii booda, daandii, taaksii fi atobisii keessattilleen namoonni deemsa dhorkuu danda'u."

Kana ammoo daa'imman dandamachu hin danda'an. Kanaan kan ka'ees dhiphina sammuutiif haalli itti saaxilamu danda'an jiraachuu kaasu.

Sagantaaleen kunneen daa'imman mana keessatti, manneen barnootaafi bakka namoonni walitti qabamaniitti sodaa malee haasaa akka taasisan, akka ija jabaatan fi akka jajjabaatan gochuu akka danda'an oggeettiin tun ni kaafti.

Haa ta'u malee, daa'imman kunneen of eeggannoo malee miidiyaalee irratti dhiyaachun balaa akka qabaatu kaasu Obbu Biraanuun.

Yunivarsitii Finfinneetti barsiisaa Gaazexessummaa fi Komunikeeshinii kan ta'an Dr Abduli'aziizi Diinoo, maatii ykn guddiftoonni sababii garaa garaatiin kakaafamuun ijoolleensaanii miidiyaa irratti akka dhiyaataniif ni hayyamu jedhu.

"Ogummaan daa'imasaanii warra kaaniitti akka mul'atu, deeggarsa maallaqaafi carraa barnootaa barbaacha, daa'imman kaaniifi barnoota gaarii dabarsuu barbaachuun, akkasumas namoota bohaarsuu barbaachuun daa'imasaanii qabatanii miidiyaatti dhiyaachu danda'u."

Haa ta'u malee, daa'imman miidiyaarratti dhiyaachunsaanii akkuma waan gaarii qabaatu, miidhaa qabaachu malus ifatti itti himamuu qabaata jedha Dr Abdulaaziiz.

Sagantoota hirmaachisoo hin taane

Sagantaaleen kunneen haala filannaa keessomootaatiin baayyee murtaa'oo ta'u oggeessoonni guddina daa'immanii ni dubbatu.

Daa'imman sagantaa kanneen irratti argaman kann kennaawwan adda addaa qaban ta'ulleen, ,,keessattuu dubbachuu, nama kofalchiisuu, kann taphatan, dandeettii bahaarchisuu kann qaban ta'u dubbatu.

Joorgoon sagantaaleen kunnis "kan bifatti amanan, kann ifan, magaala keessa kann jraatan akka keessummaa taasifatan" taajabu dubbatti.

Itti dabalunis "ijoolleen Itoophiyaa kann magaala qofa jiraatan ykn bareeddota, sadarkaa jireenyaasaanii kann irra dedebiinee argannu qofaa miti" jeti.

Sagantaarratti kan dhiyaatan ijoollee Itoophiyaa yoo ta'an "kann hundarraa bakka bu'an yoo ta'an daa'immaniif filatamoo ta'a" jetti Joorgoon.

Obbo Biraanunis miidiyaaleen daa'imman gara waltajjiitti fiduun dorgomsiisaa "ijoolleetti fayyadamaa jiraachu" hubachu kaasu.

Daa'imman kunneen miidiyaarratti dhiyaachu kann sammusaaniitti dhufe wayita dubbatan, "boru maaltu ta'a?" waan jedhu yaaduun barbaachisaadha jedhu Obbo Biraanuun.

Yeroo tokko tokkoos daa'imman waa'ee gadi fageenyaan hin beekne fa'i gaafatamu. Boru maal hordofsiisa waan jedhu waan hin hubanneef waa'ee maatiifi namoota kaanilleen yoo dubbatan yeroo baayyee dhagahamu.

Dr Abdullaaziiz ammoo daa'imman maqaa namaa haala malee kaasuun yaada akka kennan gochuun sirrii miti jedhu.

Kana malees daa'imman waa'ee ragaa maallaqaa, fayyaa fi icciitii dhunfaalleen kaasu waan danda'aniif of eeggannoon barbaachisaa ta'u himu.

Kanaafu miidiyaaleen sagantaa isaanii wayita karoorsan, wayita waraabaniitti fi gulaalaniitti waan daa'imman waa'ee naannoosaanii, ofiisaaniifi maatiisaanii jedhan ilaalu qabu jedhu.

Sagantaaleen kann haala eegeeree ijoollee yaaddoo keessa hin galchineefi dhiibbaa hin barbaachifne keessa hin galchifneen of eeggannoon hojjatu akka qbaatu gorsu.

Gaaffiilee gaheessaa daa'immaniif dhiyaatan

Sagantaalee kanneen irrattis gaaffiileen ijoolleef hafee gaheessotaaf illeen hin dhiyaanee yoo dhiyaataniif, yoo naasisan argu dubbatu oggeessoonni xin-sammuu kunneen. Kunis qopheessitoonni sagantichaa kan qor-qalbii daa'immannii hubatan waan hin taaneef jedhu.

"Akka oggeessaatti mana teenyee yoo ilaaluu gaaffilee daa'immaniif dhiyaataniin ni naana" jedhu Obbo Biraanuun.

Dhimmoota amantaa, yaadawwan siyaalaa olaanaa ta'an daa'immaniif dhiyyeessuun "daa'imman hubuudha" jedhu.

Kana malees dhimmoota addunyaa dhiphisanii daa'immaniif kaasuundogongorsuun "akka abdii kutatan fi akka waan eenyummaan saanii achumatti dhaabbateetti akka itti dhagahumii taasisuu danda'a" jedhu.

"Gaaffiileen daa'immaniif dhiyaatan hundi kan umurii, dandeettii hubannoo, guddinaasaanii jidduugala taasifate ta'u qaba" jettii Joorgoon.

"Daa'imman gaaffiilee cimaa gaafataman akka egeree isaaniitti qaana'an taasisa" jedhu Obbo Biraanuun. Dr Abulaaziiz gamasaanitiin, gaaffiilee siyaasaa, amantaa fi kaan kanneen umurii daa'immaniitiif sirrii hin taane akka deebiisaniif dhiibbaa taasisuun daa'imman waan hin barbaaddamneef saaxila jedhan.

Sagantaalee akkasu kunneenis yeroo dheeraafi gabaabaa keessatti daa'imman irratti miidhaa qaqabsiisuu akka danda'an dubbatu oggeessoonni.

Ijoollee daa'imman hin jaalannee kaaniin

Daa'imman kunneen "gitoota umuuriisaanittiin hin jaalataman" kan jedhan Obbo Biraanuun, daa'imman miidiyaarratti dhiyaatan maqaansaanii saffiisaan bal'ata jedhu.

Joorgoon daa'imman hundi wayita dubbatan hariitii akka hin qabneefi sun ammo madaallii dandeettiin daa'imannii kan ittiin safaramu akka hin taane dubbatti. Kanaafuu dafanii akka dubbatan osoo hin taane, yaadanii, tasgabbaa'uuniif girfama jetti.

Daa'imman haasa'aan alatti karaa barreeffamaa, muuziiqaa, fakkii kaasuu fa'in ofiisaanii akka ibsan dubbatti. Kanaafu malliiwwan daa'imman ittiin of ibsan kunneen kabajamuufii qaba jetti.

Fakkeenyaaf daa'imti abbaan ykn haatii isaa gaazexeessaa taatee tokko wayita haasa'u TV irratti arguun, daa'imtiisaan akka omaa hin beekneetti ibsuun sodaan akka itti dhagahamu taasisan jedhu oggeessoonni.

Joorgoon akka jeettuutti, "daa'imman ofiisaanii ta'u dhiisanii ijoollee argan ta'uu eegalu" jetti.

*Gara fuula 9 tti naanna'e*

# 'Haalli Boorana keessaa ilaaluufillee kan ulfaatudha' - Abinnet Kabbadaa

‘Haalli Boorana keessaa ilaaluufillee kan ulfaatudha’ - Abinnet Kabbadaa

Hojiin tola ooltumaa inni hojjete qalbii fayyadamtoota miidiyaa hawwaasaa harkiseera. Man haadholii daddhaboo galee isaan jajjabeessera. Dhukkubsattoota hospitaala keessaa nama isaan gaafatu hin qabne dhaqee isaan ilaaleera.

Haadha malee abboota ijollee guddisan, jaarrolee nama isaan gargaaru malee hafan, haadholii ijoollee isaanii waliin daandii irratti kufan gargaaruuf waan danda’e hundaa godheera.

Suuqii geessee uffata bitee, mana nyaataa geessee nyaata isaan waliin maaddiitti taa’eera. Hojiin isaa kun miidiyaa hawwaasaa irratti yaada namoota hedduu hawwateera.

Dargaggoon kun Maaster Abinnet Kabbadaa jedhama. Dhalatee kann guddate naannoo kibbaa, godina Kambaataa Xambaarroo magaalaa Duraamee keessattidha.

Kan ittiin jiraatu ispoortii motor saayikilii ykn doqdoqqeetiinidha.

Agarsiisa doqdoqqeen taasisu irraa galii argatu hojii tola ooltummaa kanaaf oolcha.’’Hojiin tola ooltummaa nama hundaafuu kan eeyyamamedha’’ kan jedhu Abinnet kanas kan eegale ijoollummaa isaa irraa eegaluun akka tahe hima. Maatii isaarraa akka baratee guddates hima.

Abinnet namoota kaanis daddammaqsuu danda’a jedhee hojii tola ooltummaa isaa kana miidiyaa hawwaasaa irratti qooduu kan jalqabe ji’a jaha dura tahuu hima. Isa dura garuu hojii tola ooltummaa baay’ee hojjechaa turuu hima.

‘’Namoota mana hin qabne 17 tahaniif mana ijaareera. Hojii hojjechuu kan hin dandeenye garuu dandeettii isaa qaban 200 tahaniif carraa hojii uumneerra’’ jedhe.

Hojii kana hundaa kan hojjetru garuu qofaa isaa miti.

Namoota biyya keessaa fi ala jiran irraa deeggarsa akka argatu ni hima. Namoota imaanaa jedhanii itti kennataniif ni dhaqqabsiisa.

Abinnet torban torbaniin namoota torba humna hin qabne daandii irra jiraniif hamma humna isaa deeggarsa akka godhu hima.

Hojii tola ooltummaa kanaaf ji’atti hanga Birrii miliyoona tokkootti baasii akka taasisu hima.

‘’Hojii kanaaf onnee gaarii fi sooreessa yoo qabaatte qofa hojjetta. Nama gargaaruuf kan si kakaasu onnee gaarii yoo qabaattedha. Waan gaarii hojjechuuf safartuu himaatii hin barbaachisu,’’ jedhe.

MADDA SUURAA,MAASTER ABINET KABBADAA

Haalli Boorana keessaa ilaaluufillee kan ulfaatudha



Guyyoota shan dura ture Abinnet suuraa onnee nama cabsu tokko miiduyaa hawwaasaa irratti kan qoode.

Haadha Boorana keessaa sababa goginsaan baay’ee miidhaman, foon isaanii lafee isaaniitti maxxanee, walitti butamanii taa’an ture kan suuraadhaan qoode.

Guyyaa keessaa naannoo sa’a 9:00 ture. Suuraan arge boqoannaa isa dhowwee oole. Halkan sana hin rafne ture. ‘’Waan bari’u natti hin fakkaanne ture,‘‘ kann jedhu Abinnet konkolaataa kontiraata fudhachuun gara Shaashamanneetti imala kann jalqabe.

Halkan sa’a 7:00tti Shaashamannee gahe. Booqnnaa gahaalle osoo hin fudhatiin halkan keessaa sa’a 10:ootti imala isaa gara Yaabellootti jalqabe.

Kuta kuta deemeen magaalaa Yaabelloo gale’’ jedhe.

Miidiyaa hawwaasaa irratti kanneen isa beekan, ‘namoota gargaaruu dhuftemoo?‘‘ jedhanii na gaafatan jedhe.

‘’Eeyyee! Namoota sirriitti gargaarsa barbaadan bira na geessaan jedhe.‘‘ Sana booda magaala keessaa achi bahanii yoo deeman namootni gargaars abarbaadan isa inni eegeen ol miidhamanii akka arge hima.

‘’Lafti isaa gogaadha. Waan nyaatamus tahe dhugamu hin jiru. Horiin isaanii dhumaniiru. Namootnis lafeetti qofa hafaniiru. Ilaaluufillee namatti ulfaata,’’ jechuun waan naannichatti taajjabe hima.

MADDA SUURAA,GETTY IMAGES

Haadha Suuraa irratti arge barbaacha…

Abinnet haadha suuraa isaanii miidyaa hawwaasaa irratti argee fi hirriba isa dhorke argachuuf barbaacha guddaa akka godhe hima. ,‘Namootni gaafadhe hunduu lubbuudhaan akka hin jirredha kann natti himan.‘‘

Yeroo kana dhagahu onneen isaa akka malee cabde. Isaaniif dhaaqabee ol isaan qabuuf yaadus kana gochuu dhabuu isaani gadduu malee homaa gochuu hin dandeenye.

‘’Warri kaanis garuma kanatti deemaa jiru,‘‘ kann jedhu Abinnet gara mana rabsaa shaqaxootaatti deemuun waan humni isaa danda’e bitee isaan gargaaraa akka jiru BBCtti himeera.

Horiin jiru jechuun hin danda’amu. Bakka tahetti qofa horiin tokko lama mul‘atu. Ijoolleen isaanii waan nyaatan dhabanii beela’anii, dhukkubsatanii, ciisaniiru. Haalli namootni itti jiran gaariidha jechuun hin danda’amu.

“Deeggarsi isaaniif dhiyaatu gahaa miti. Namni hunduu irratti hirmaachuu qaba. Mootummaadhaanis qofa waan danda’amu miti.

Waan dandeenye hundaa gochuu qabna‘‘ jechuun dubbata Abinnet.

Godina Booranaa aanaa Taltalleetti bulchaa ganda Dibbee kann tahan Obbo Dheengee Waariyoo, sababa beelaan namootni du’an akka jiran torban darbe BBCtti himaniiru.

Haa tahu malee Itti Gaafatamaan waajjira Ittisa Sodaa Balaa aanichaa Obbo Galmee Moluu, namni beelaan du’e akka jiru odeeffannoon na hin geenye jedhanii haa tahu malee, ijoollee fi manguddootni sababa hanqina nyaataan dhukkuboota saslphaa irraalee bayyaannachuu hin dandeenye jedhan.

Biiroon Komunikeeshinii Oromiyaas sababa beelaan Booranatti lubbuun nama darbee akka hin jirre karaa Feesbuukii isaanii ibsaniiru.

Torban darbe jiraataa aanaa Taltallee kann tahan Obbo Guyyoo Turuu ilmi isaanii waggaa 16 sababa beelaan dhukkubaaf saaxilamee akka boqate BBCtti himaniiru.

“Kaniin oolus tahe bulu haadholii fi abbootii Booranaa waliini

Abinati gara Booranaatti erga imalee kaasee kan raawwatuus ta’e kan dubbatuu abbootiifi haadholii achiitti argaman waliin ta’u dubbata.

Inni akka jedhuutti yoo ta’e, buufataaleen yeroo achitti qophaa’e jira.

‘‘Isan waliin ta’anii dubbachuun mataansaa abdii namaaf kenna. Boqonnaan sammuu amma qabu addadha. Hanga Waaqni rooba roobuuf achuma turuun yaadaa jira’’ jedha.

Haala danda’ameefiitti waan humnisaa danda’u hunda raawwachuun namoota rakkoorratti argaman deeggaru akka itti fufu dubbata.

‘‘Namoonni karaa kiyyaan deeggaru barbaadan bilbilaan na qunnamaa jiru. Karaa koo qofaan guyyaa tokkootti birria miliyoona lama walitti qabameera’’ kan jedhu Abinati, deeggarsa namoota tola ooltota ta’aniitiin deeggarsa taasisaa jiraachu dubbata.

Abinati hojii isaa kanas maatiinsaa akka deegaranii fi hanga danda’ameetti namoota rakkatan bira akka dhaabbatuuf akka jajabeessan hima.

‘‘Viidiyoo haala Boorana keessa jiru agarsiisuu ergeefeen ture. ‘‘Deebiite hin dhufiin nan jedhan‘‘ jechuunmaatiinsaa akka isa jajabeessan hima.

Sirummaa obbooleessi isaa xiqqaan fi hiriyaansaa isa waliin hojjachuuf barbaadaa akka jiran hima.

Kanaan dura eddoowwan Itoophiyaa keessa socho’na hundatti hanga humnisaa danda’eetti deeggarsa taasisaa akka ture kan dubbatu Abinat, ‘‘waan gaarii hojjachuudhaaf nannoon si daangeessa jedhee hin amanu’’ jedha.

Abinat namoota deeggarsi barbaachisu bira dhaabachu milkeessuun karoora isaa ta’u dubbata.

Keessattu haadhooliifi abbootii rakkatanii daandiirra jiratan naanoolee adda addaa keessaa kaasuun akkaumas sadarkaa federaalaati dhaabbata tokko hundeessuuf daandii mijeeffachu barbaada. Namoota hojii hin qabneef carraa hojii uumuunis hawwii isaati

## Kollejjoonni . . .

Fuula 1 irraa naanna’e

Gama biraatiin Aadde Faxxum yommuu ibsa gaazeexeessitootaaf kennanitti barattoonni gara dhaabbilee kanneen seenuun duratti damee barnootaa babal’ina industirii waliin deemuufi koollejjii qulqullinaafi gahumsaan leenjisuun carraa hojii uumuurratti hojjetaa jiru adda baafachuurratti hubannoo argachuu isaan barbaachisa jedhaniiru.

Kanarrattimmoo barattoonni hubannoo gahaa argachuufi gosa barnootaa barbaadan filachuuf odeeffannoo Chaanaalii Telgraama keenyaatiin darbu hordofuu akka danda’aniifi ejensichi humna namaa qulqullinaan oomishuufi hannaafi ragaa barnootaa sobaa tohachuuf teeknoolojiidhaan deeggaramuuf haaldureewwan xumuruus Aadde Faxxum ibsaniiru.

# WALALOO ADUWAA

Najjaad Hassaniin

Ajab Lama lamaa

Xayuuraan bararee

Rooma Roomaa

Xayuuraan bararee

Rooma Roomaa

X 2

Xaaliyaani wa maal nurraa taree

Kan dachii samii hanqisaa turee

Waaro salphinaa fuula uwwifnee

Moosoloonidhaaw

Rooma Galchinee.

Boonoo Boonoo

Piyaa Piyaa Piyaa

Lachuutuu akkanumaan

wa ja'amne dhagayaa

Hiikkaan isaaniitiis dhagayaa

Barruu BAKKALCHA DIRREE arraatiin Walaloo wa'ee Xaaliyaan Tan wa'ee Tokkummaa fi Aduwaa Qabannee dhufne Qoricha sammuu Dawaa.

============

Seenaan Tokkummaa fi Aduwaa

Kunoo kana Qorichi sammuu Dawaa.

============

Jechi gaafasii arraa seenaa

Boonoo Boonoo jechuun

si waliin nuti nagaya feenaa

Nagaya feenaa nagaya feenaa

Piyaa piyaaniis ni jirtii

Hikkaan isaas Nagayattii

Achii as hafee gaafattii

ADUWAA FI TOKKUMMAA

Gooree fi Naannoo Jimmaa

Dirree dhawaa dhuftuus sanumaa

Oduun xaaliyaanii

yoom wa himamee dhumaa.

Arba citaa guursisee

Yoom wa namatti hambise

X 2

hedduu nama dhoorke Jimaa

Kanaaf nillee komatamaa.

"Ani Ammaa Aniyyaa


Jimaan Lubbuu Tiyyaa

Xaaliyaanoo piyaa Piyaa"

Aduwaa fi Tokkummaa

Gootaa biyyaa wareegamaa

Xaliyaanii dhufee




dhaga gaaraa Tumaa

Duriin Odeeyfadhee

Danyaan dubraa sumaa

X 2

Eenyuu jira warri akka Gabayyoo Gurmuu

Kan Eeboofi goraadeen diina isaa haamu

Warra akka baalchaa Safoo

Ilma walee walisoo

Goototii jeeynoota Dirree Qabsoo

Ilmaan Abbichuu kan warra Jaarsoo

Warri Iluu nibeeka akka

itti baafatu biluu

Gootonni warri biyyaa lolu.

Hedduun maqaa yaamaa

Goototii boruu ganamaa

Eenyuu Abdiisaa Hin dhalu

Leenca Xaaliyaanirraa galu

Makmaake biyya namaa keeysattii

Dhiitamee usne Calliseetii

Qallatullee Lilmoon shanyii sibilaa

Himee fixu malee jeeynoonni dilaa

Jeeynoonni jabduu

Guyyaa san hojjatee

Bu'aan Tokkummaa

Aduwaa gubba mullatee

Guuysee dachaase

Diina meeshaa Hanga

funyaaniitti hidhatee

Bakka hedduuti lolee

Abboon gaafas Dina galaafatee

Warri Akka Ammaa Anniyyaa

Isaaniis Lammii Tiyyaa

Goonni bahee baroodu

Aduu Guyyaa

Hubachuus qaban

namuu Akka baranii

Iyyee Boruu Dirii Daranii

Lubbuun olbaati malee

Yoom wa baati gadii

Iyyeedhaa Xaliyaaniin

Ja"e ya bada harree Adii

Akkasiin namuu Baraa

Gootummaan bakka qabdii

Jecha Baduu taane

akkanaa barbaadii fidii

=== ========

Fiimee Tiliintee Kappiteenii

Jecha Iyyee Boruu Diiri

dhageenyaan dhabatanii

"Ya Iyyee Boruu Diir

Kappiteen dhufnaan

Daranuu si jabeeysee

Fimee fi Tiliinteen samii

olii si geeysee

Shittoo Rabbii Dibattee

Kanaafuu namuu si jabeeysee"

Eenyuu seenaa isaanii barreeyse

Haqni awwaalamee hafee

Dharri fagoo kaataaree

Hagam oolee bubbulus

Seenaa rirmi nyaataaree

Injifannoo nu saamee

Ormi gandasaa dhaqe

Situ falmee sirreesse

Seenaa karaarraa maqe

Isa gootonni Oromoo

Aarsaan diina hunkurani,

Jarri paastaaf buphaatti

Biyya ofii gurguranii.

Kan fardeen keenya gurmuun

Gara Aduwaa qajeelan

Isa Gabayyoof Baalchaan

Madfiin diina haleelan

Injifannoo ilmaan keenyaa

Dharaan saamuu kajeelan

Alagaa keessi diina

Yoomiyyuu nuuf hin iltu

Keenya jettee dhiichifte

Balaay Zallaqaa Qilxuu

Haqni haqanqaalamee

Dharri fagoo kaataaree

Hagam oolee bubbulus

Seenaa rirmi nyaataaree

Ormi gola nu dhoksus

Seenaa nujalaa saamee

Dhiiraa nuuf qabsiise

Dungoo nujalaa dhaame

Kan jarri seenaa sobaan

Barootaaf banan laagaa

Hacee'tu addunyaaf ibse

Gootummaa Abdiisaa Aagaa

Qoma dhiibee lallabee

Gamnummaa Abbaa Malaa

Qarartoo seenaa jaraa

Dhara taasise jalaa.

Birmaduun irree heenaa

Gaafas hojjatte hojii seenaa

Kanaaf namuu baruudha qabnaa

Ija ashaboon dhiqattee

Hattus jabduu Garasuu

Gootummaan keenya ifa

Har'a miti barasuu.

Riqicha Aduwaa ce'ee

Nutu Italy weerare

Injifannoodhaan galee

Nutu sirbee geerare

Gootummaa ilmaan Oromoo

Ijoollee Abbaa Caalii

Faana fardeen keenyaayyuu

Dirree Aduwaarra laali

Aduwaafi Tokkummaan

Teenyaa Jabeeysinaa

Seenaan isin ha dubbatu

Ya ilmaan Abbootiin jeeynaa

Haqni haqaan bareeda

Dharri dharaan wal simti

*Gara fuula 10 tti naanna'e*

## Taphni . . .

*Fuula 12 irraa naanna'e*

baay'eetiin moohame tahuun galmaawee jira.

Liivarpuul injifannoo kana hordofee qabxii 42'n sadarkaa shanaffaa yoo qabatu, Maanchistar Yunaaytiid qabxii 49'n sadarkaa 3ffaarra jira.

Leenjisaan Maanchistar Yunaaytiid Eriik Teen Haag taphaan booda yaada kennaniin 'haala kanaan injifatamuu hin qabnu ture' jechuun dubbatanii jiran.

Taphattee moohamuu dandeeysa, garuu haala kanaan moohamuu hin qabdu. Keessattuu boqonnaa booda taphattoonni keenya hundi isaanii hin taphanne. Namuu mataa ofii waliin turre. Sun Maanchistar Yunaaytiidii miti ja'an.

Liivarpuul sagantaa tapha liigii itti aanuu irratti Boornimaawuz waliin, Maanchistar Yunaayitid ammoo Saawuzhaampitan waliin ni taphata.

## Waldorgommii . . .

*Fuula 12 irraa naanna'e*

Aadde Muluukaan itti dabaluuniis manneen barnootaa irratti xiyyeeffannee yoo hojjanne

Lammii Itoophiyaafiis tahee Addunyaaf gahu horachuun akka danda'amu eeranii, kanaaf bu'uraalee ispoortii manneen barnootaa irratti xiyyeeffachuudhaan ispoortiif mijjaawaa taasisuu fi barattoonni roga ispoortiin akka hirmaatan godhuun tumsa taasifnaan madda ispoortii yoomiyyuu hin goggooyne taanee itti fufuu ni dandeenya jechuudhaan, dhaloota biyyarra dabree addunyaaf gahu arkachuun kan danda'amu manneen barnootaa keessaa waan taheef hoggantoonni ispoortii fi qaamni dhimmi ispoortii isaan ilaallatu hundinuu ispoortii manneen barnootaaf xiyyeeffannoo laannee haa hojjannuu jechuun dhaamsa dabarsanii jiran.

Tapha kubbaa miilaa sirna baninsaarratti gaggeeyfameen manni barnootaa Afata Iissaa 3 fi 1'n Mana barnootaa Maadannuur injifachuu danda'ee jira.

Dorgommichi guyyoota boqonnaa sanbataa fi Dilbata dirreewwan gara garatti itti fufee kan gaggeeyfamu yoo tahu, Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa 10 sadarkaa lammaffaa 14 walumaagalatti manneen barnootaa 24 gosa ispoortii 11'n dorgommii kanarratti kan hirmaatan tahuu biiroon barnootaa bulchiinsa Dirree Dhawaa beeysiseeti jira.

Walumaa galattti Ispoorteessitoonni 3,800 ol waldorgommii kanarratti kan hirmaatan tahuun beekkamee jira.

## Atleetonni . . .

*Fuula 12 irraa naanna'e*

jiran.

Atleetiin Keeniyaa Waanjiiruun sa'aa 2:16:28tti dorgommicha kan xumurte yeroo ta'u, Tsahaay Gammachuu sa'aatii 2:16:56tti lammaffaa bahuun xumurtee jirti.

Bara darbe maaraatoonii Tookiyoo kana 2ffaa bahuun kan xumurte Ettee Bakaree sakandii 2:34n Roozmarii Waanjiiruu booddee turtee seenuun sadarkaa sadaffaa baatee jirti.

Warqinash Iddeessaa ammoo sa'aa 2:20:13'n dorgommicha xumuruun sadarkaa 4ffaa baatee jirti.

## Qajeelfama . . .

*Fuula 11 irraa naanna'e*

Sanyiin kan walitti qabamu irra gahuu isaa beekuuf, mataa habaaboo suuta jettanii raasuu ykn harka keessan

lamaan gidduutti sukkumuun akka sanyiin akkuma salphaatti bahuu irra gahe ilaala.

Ambaarxifoo akkamittiifi yoom walitti

qabamaa?

• Akkuma hedduminaa fi qabiinsa miidhaanii irratti hunda'uun baalli kan walitti qabamu erga sanyiin faca'ee eegalee yeroo mara torban 3-5 keessatti

walitti ni qabama.

• Takkatti: buqqisuu ykn lafa irratti kutuu.

• Irra deddbi'uun: hanga daraaraa baasuutti lafaa olitti15-20cm irratti torban 1-2'n baala 50% fi jirma laafaa isaa muraa.

Qaamoolee Ambaarxiffo keessa isaan

kamitu nyaatamuuu danda'a?

• Baalliifi jirmi lallaafaa Ambaarxiffo akka

kuduraatti kan nyaataman yoo ta'u ijji firii

isaanii immoo midhaan dheedhii bakka bu'ee nyaatamuu ni danda'a.

• Baalaa fi biqiltuun kichuun/jirmi kichuun isaa bilchaatee ni nyaatama; waadamee ykn danfisamee akka mi'eessituutti ni nyaatama, shoorbaawwanitti ni makama ykn dheedhii isaa ni nyaatama.

• Firiin ykn sanyiin isaa dheedhii isaa ykn

bilchaatee ni nyaatama; bakka midhaan

dheedhii ni buufama, firiin ykn sanyiin isaa daakamee yeroo mara marqaa, daabboo kkfa ni ta'a.

## Daa'imman . . .

*Fuula 6 irraa naanna'e*

Miirrii gadaantummaa akka itti dhagamus ni taasisa jedhu. Obbo Biraanuun oggeessitoonni daa'imman miidiyaarratti dhiyeessanis, wayita "nuti akka tasaa ijoolleen kanneen dhiyeessine malee mana manatti daa'imman kana jiruu"jechuun daa'imman taa'anii doowwatanif beekamtii yoo kennani akka hin argne dubbatu.

Maatiifi miidiyaalee maal hubachu qabaatu?

Maatiin wayita ijoolleen isaanii midiyaarratti dhiyaatan, "omaa akka hin taaneetti yaadu" jedhu Obbo Biraanuun. Haata'u malee daa'imtisaanii gara miidiyaa ykn miidiyaa hawaasaa kamuu osoo hin geeffamiin dura maatiin waa'ee daa'imasaanii ifaafi sirriitti hayyamasaa gaafatamuun barbaachisaadha.

Ijoolleen kaan waan dhiyaataniif qofaa jajjabeesanii geessuu osoo hin taane, "Anis nan danda'a… haa deemnu" jechuu qabu. Yeroo sana ammo, bu'aafi faayidaa miidiyaa irratti dhiyaachu maatiitti himun ittigaafatamummaa bahu akka qaban kaasu oggeessoonni.

Sagantaaleen daa'imman keessummummaan dhiyeessan fedhii maatii ykn guddiftootaa barreeffamaan argachu qabu jedhu.

Yeroos kaayyoo sagantichaa maali? Sangataa kamiif, yoom fi sa'aatii meeqaafi daqiiqaa meeqaa akka darbu ifatti hubachuun barbaachisaadha.

Miidiyaanis daa'immaniif hayyama maatii irraa yoo argatuutti balaa qabaachu danda'uu hunda itti himu qabaatu jedhu.

Kana malees naamuusa gaazexessummaa yeroo hunda irraanfachuu akka hin qabaatamne gorsu.

Maatiiwwan daa'imtii isaanii miidiyaa irratti yoo dhiyaatan, "bu'aa maalii argachuuf" gaaffi jedhuu deebiisu akka irra jiraatu kaasuun, "daa'imman fayyadamtoota diinagdee taasisuu akkasumas deeggarsa qor-qalbii argachu qabaatu" jedhu.

Qopheessitoonni sagantaalees osoo daa'immanii waltajjiitti hin baasiin dura waa'ee xin-sammu saanii hanga tokko beekuun barbaachisaa ta'u dubbatu oggeessoonni.

Daa'immanni waan dhagahaniifi arganiin dhiibbaa keessa akka seenan kan dubbattu Joorgoon, oggeessoonni sagantaalee qopheessan of eeggannoo gaarii gochuufi haala yaadameen ergaan daa'imman bira akka gahuutti madaalamee hojjatamu qabaata jedhu oggeessoonni.

Sagantaalee wayita hojjatamaniitti, "daa'imman jaalachuu, daa'immaniif garaa laafuudhaa" hojjatamu akka qabaatu dubbatti Joorgoon.

Knaafu sagalntaaleen kaayyoonsaanii bahaarsuu, dhaloota ijaaruu, naamusa gaarii cimsuu, kanneen dandeettii adda addaa qaban akka bahaniif jajjabeessuu, daa'imman maqaa gaariidhaan akka beekaman ta'u akka qabu gorsu.

Daa'imman jidduugaleessa taasifachuun daa'imman bashananniisiisuu, xabachiisuu, guddinsaanii deeggaruu, umuriifi qophii sadarkaa guddinasaanii gituu jaalalaa fi gara laafummaan dhiyaachu akka qabu oggeessoonni BBCn dubbise waliigalu.

Akkasumas wayita daa'imman irraa odeeffannoofi beekumsi gaafatamutti, haala nageenyaafi kabaja ijoollee hubannoo keessa galchee ta'u akka qabaatu kaasu.

Akkasumas gaaffiileen dhiyaatan kan umuriifi sadarkaa guddina daa'immanii hubannoo keessa galcheen, daa'imman bira yoo qaqabuutti ergaa akkamii kenna? kan jedhu ta'u akka qabaatu cimsanii kaasu.

# 'Sistamiin hin jiru' - Rakkoon maamiloota baankii Itoophiyaa mudataa oolu maal irraa madda?

Waggoota arfan darban keessa hanqinni sharafa alaa fi qaala'insi jireenyaa rakkoowwan gurguddoo dinagdee Itoophiyaaf qormaata tahan keessaa isaan jalqabaati.

Gama biraan ammoo baankota haaraan banamuu fi damee faayinaansii biyyattii gara dijitaalaatti ceessisuun hojiiwwan jalqaban keessatti eeramu.

Itiyoo Teelekoom fi dhiyeenya biyyattiitti tajaajila isaa jalqabeefi dhaabbata telekoomii biyya alaa jalqabaa Itoophiyaa seene kan tahe Safaariikoom tajaajila faayinaansii biyyattii gara dijitaalaatti ceesisuuf hojiitti jiru.

Tajaajilli faayinaansii biyya tokkoo gara dijitaalaatti ceenaan ammoo daddabarsi maallaqa callaa xiqqaachuun yeroo fi humna qusachuuf oola.

Kun tahuu dhabuu fi rakkoolee biyyattii mudatan kaan walitti ida'amuun hanqinni maallaqa callaa baankota dhuunfaa tokko tokko akka mudataa jiru ni dhagahama.

Itoophiyaatti waggoota lama dura jalqabee namni tokko guyyatti maallaqa callaa kuma 50 ol akka hin baafanne daangaan kaa'eera. Daddabarsa maallaqaa moobaayilaan garuu hanga Birrii Kuma 500tti ni eeyyamama.

Kun ammoo maamiltoota hojii daldalaa adda addaa irratti bobba'an irratti rakkoo guddaa tahuu namootni BBC'n dubbise himu.

Namootni kunneen guyya guyyaan gara baankota dhuunfaa tokko tokko yeroo deemnu, kaan maallaqni hin jiru, kaan ammoo 'siistamii [system]' badeera jechuun nu deebisu jechuun komatu.

Hanqinni maallaqa callaa baankota dhuunfaa mudachuu malu maal irraa ka'a?

Mee dura komiiwwan dhagahaman irraa haa eegallu.

'Sistamiin' hin jiru'

Namni maqaan isaa akka dhahamu hin barbaanne tokko yaada BBC'f kenneen magaalaa Finfinnee yeroon deemu, guyyaa hedduu 'sistamiin badeera'' jechuun na deebisu jedha.

Namni kun daldalaa tahuu himuun meeshaalee bitatee gara kutaa biyyatti deebi'uuf rakkoon akka isa mudatu hima.

Gama ATMn maallaqi baafachuu danda'us daanga'aa waan taheef hojii isaa irratti dhiibbaa uumeera.

Dr Guutuu Teessoo ammoo dhugaan jirtu kana miti jedhu.

Baankotni dhuunfaas tahe mootummaa hedduu kan isaan ittiin wal dorgoman keessaa tokko kuufama qusannoo isaaniitinidha.

Dhiyeenya Baankiin Daldala Itoophiyaa kuufama maallaqaa isaa Birrii Tiriiliyoona tokkoon gahuu isaa ibseera.

Baankotni dhuunfaa kaanis kuufama isaanii guddisuuf maamilootni akka herrega baankii isaan biratti banan duula guyya guyyaan gaggeessuun bansiisaa oolu.

Kanaaf dameeleen baankii dhuunfaa hedduun akka maamilootni maallaqa hin baafneef danqaalee garagaraa uumu jedhu ogeessi dinagdee kun.

''Sababa isaan uuman keessaa, maallaqa callaa hin qabnu, sistamiin hin hojjatu, baasii haganaaf mirkaneessuu gaafanna'' kan jedhudha jedhu.

Baankileen maallaqa maamilaaf kennan kan fudhatan baankii biyyaalessaa irraa guyya guyyaan kan qoodamuufidha.

Garuu dhiyeenya baankota haaraa gara 11 tahan Itoophiyaatti banamaniiru.

Kanaaf yeroo lakkoofsi baankotaa dabalaa deemu hammi maallaqaa isaaniif qoodamu ammoo xiqqaata jedhu hayyuu dinagdee Dr Guutuu Teessoo.

Rakkoon nageenyaa hanqina maallaqaa fide

Sababa rakkoo nageenyaan hawaasni tajaajila baankii sirnaan itti dhabees ni jira.

Fakkeenyaaf turtii waggaa tokko oliif sababa waraana tureen Naannoo Tigraay keessa tajaajilli baankii adda citee ture.

Gama Lixaafi Kibba Oromiyaattis rakkoo nageenyaatu jira. Keessumaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti hawaasni hamma qarshii baasu daanga'u himu.

Jiraataan Aanaa Abbay Coomman tokko baankiidhaa guyyaatti maallaqa callaa Birrii 1,000 baafachuun akka hin eeyyamamne BBCtti hime.

''Guyyaa tokko maallaqa maatiikoof ergame Birrii 5,000 baafachuufan baankii deeme. Garuu Birrii 1,000 malee siif hin eeyyamamu na jennaan namoota afuriitti raabseen maallaqakoo baafadhe,'' jedhe.

Akka sababaatti kan itti himames maallaqni hin jiru kan jedhu akka tahe hime.

Namootni yaalaafis tahe bittaa gurgurtaaf maallaqa callaa barbaadan salphaatti kanuma baankiitii qaban baafachuu akka hin dandeenye hima.

Godinaalee Wallaggaa keessatti yeroo adda addaatti baankotni qaama hidhateen saamamaa akka turan mootummaan ibsaa ture.

Kana irraa kan ka'e kuufamni maallaqaa baankii keessa taa'u xiqqaa akka tahe hojjetaan baankii dhuunfaa tokko maqaan akka eeramu hin feene BBCtti hime.

Dr Guutuu Teessoo naannoo rakkoon nageenyaa jiru keessaa maallaqa baankii galu gara baankii biyyaalessatti galchuuf rakkoo waan tahuuf hanqinni maallaqa callaa akka mudatu gochuu danda'a jedhan.

''Yeroo rakkoo nageenyaa jiru maallaqa callaa konkolaataan bakka inni itti caalaa kuufamee jiru sochoosuun rakkoo yeroo itti ta'eedha.

''Dabalataanis baankolee hedduu keessaa humna hidhateen yeroo adda addaa maallaqni miliyoonatti lakka'amu akka fudhatamu dhageenya. Maalaqni sun immoo deebi'ee mana baankiitti hin kuufamu.''

Naannoo Tigiraay keessas nageenyi dhibuun daddabarsi maallaqaa callaa baankiin alatti akka gaggeefamu taasiseera jedhu.

Kun ida'amee akka biyyatti hanqinni maallaqa callaa akka jiraatu taasisuun garasitti dinagdee biyyaafis balaadha jedhan.

Hanqina tajaajila dijitaalaa

Namootni maallaqa callaa harkatti dabalanii akka deemaniif sababa guddaa kan tahu tokko biyyattii keessaa ammayyuu tajaajilli kaffaltii dijitaalaa xiqqaa tahuu isaati.

Mootummaan tajaajila dijitaalaa kana babal'isaa akka jiru himullee ammayyuu jalqabbii irratti argama.

Galii guddaa mootummaan argatu irra jireessaan gibira lammiilee biyyattii irraa walitti qabamu yoo tahu, kutaa biyyaa adda addaa irraa hanga baankii gidduugaleessaa gahutti yeroo akka gaafatu himu Dr Guutuu Teessoo.

Maallaqni callaan bifa adda addaan walitti qabamu erga baankii biyyaalessaa galee booda guyya guyyaan baankota dhuunfaafis tahe kaaniif qoodama.

Maallaqni bifa gibiraanis tahe galii mootummaa walitti qabame yoo yeroodhaan gara baankii biyyaalessaa hin galle hangi maallaqa baankotaaf qoodamus ni xiqqaata jedhu Dr Guutuun.

Kunis tahee baankotni mootummaa irratti hirkatan fooyyee akka qaban himu.

Sababni isaa mootummaan galii isaa baankii daldalaa dabalatee dhaabbilee qusannoo kaan keessatti waan qusatuuf baankota dhuunfaa irra isaan fooyyee qabu jedhan.

Hunda caalaa osoo tajaajilli faayinaansii biyyattii guutummaan gara dijitaalaatti ce'e garuu maallaqa callaa konkolaataan fe'uun waan xiqqaatuuf rakkoon akkasii ni salphata jedhu.

Qaala'iinsa jireenyaa

Itoophiyaatti qaala'insi gatii dabalaa dhufuun %33 akka gahe ragaaleen Baankii Addunyaa irraa arganne ni agarsiisu.

Mootummaan qaala'insi jireenyaa to'achuuf tarkaanfii adda addaa fudhataa tureera. Isaan keessaa oomisha biyya keessaa dabaluun isa tokko.

Hanqinni sharafa alaa biyyattii mudates sababa qaala'insa jireenyaa isa jalqabaati.

Mootummaan oomishaalee adda addaa yeroof biyya alaatii galuu hin qaban jedhe irratti dhorkaa dabarsuun isaas kan yaadatamudha.

Yeroo qaala'insi jireenyaa dabalaa adeemu hammi maallaqaa namni tokko qabatee socho'uu isa kana duraa irra waan caaluuf namootni hedduun maallaqa isaanii baankiidhaa baafachuuf dirqamu jedhu hayyuun dinagdee Dr Guutuu Teessoo.

Dabalataan erga bara 2018 as sochiin maallaqaa seeraan alaa baankiin ala ture dhibbeentaan guddaa ta'uu isaan hanqinni maallaqa callaa baankota akka mudatuuf sababa taha jedhan.

Daddabarsa maallaqa seeraan alaa kana to'achuuf mootummaan Itoophiyaa bara 2020 jijjiirraa noottii biyyattii taasiseera.

## WALALOO ...

*Fuula 8 irraa naanna'e*

Waa'ee keenya barbaaddu

Lafti Aduwaa ni himti

Warri gaafas sodaatee

Ormatti gale kooluu

Har'a tasa-n danda'u

Qarartoon dirree gooluu

Gadameessi Oromoo

Har'as goota dhaleera

Injiffaannoon Aduwaa

Abbaa haqaaf galeera

Goonni seenaa dhokate

Soqee golaa baasee jira

Faajjii gootummaa sabaa

Addunyaatti ol kaasee baraa

Keenyumaa keeysanii

Osoo goota qabnuu callisani "Dinooyyee Dinooyyee

Magan Mudhii Qoree

Ni bareedda hedduu

Way eenyuumaa kaarruu siif Qoree.

Ingiliiz Fokkooreen Tankii jilbaan koree

Nibareeda jennaan eenyuuu karruu si qoree.

"Iyyee Boruu Diir

Jeeyna Deebi'ii qabnee

kanaafiin sifaarsaa

ya Burcuqqoo Cabnee.

X2

Seenaa Rirmi nyaatuu

Dhugaa baruu qabdanii baraa

Arraaf xumuree nagayaan naaf turaa.

# Qajeelfama sirna nyaataa maatii.

Marsaa nyaataa-Muralee gara garaa kan qabiyyee sooratni keenyaa guyya guyyaa qabachuu qabu ibsu.

Soorata da'immaanii fi ijoollee foyyessuu: ergaa ijoo kitabichaa.

Odeefannoo qabiyyee nyaataa kuduraalee fi fuduraalee biyya keessaa

Nuutireentiiwwan isaan kamitu kuduraalee fi fuduraalee irraa argamuu danda'aa?

Kuduraalee fi fuduraaleen akkuma waligalaatti nutireentiiwwan xixxiqqaa jedhamanii kanneen

waamaman vaayitaaminootaafi albudoota muraasaan kan badhadhan dha.

• Kuduraaleen bifa magariisaa fi fuduraaleen kanneen akka kaarootaa, dabaaqula ykn buqqee,

iskuuwaashii ykn cuunfaa, maangoofi paappayyaan nuutirantii Beettaa-Kaarootiin (Vaayitaaminii A)

kan dhibee faalamuu madaa (infeekishinii) irraa nama ittisu yoo ta'u sirni qaamni ittiin dhukkuba of

irraa ittisu akka sirritti hojjatu ni taasiisa; gogaa qaamaa, ijaa fi gorroo hujummoo mar'imaanii fi

sombaa fayyaa kan taasiisu yoo ta'u bakka ifti gaahan hin jirreetti akka nuti arguu dandeenyu nu

taasiisa.

• Madda Vaayitaaminii C gaarii kan dandettii dhibee of irraa ittisuuf fi sirna dhibee dandamachuu

cimsan fuduraalee cuunfaa kan akka burtukaanaa fi loomii akkasumas qaaraa mi'ooftuu (sweetpepper) fa'adha. Vaayitaamin C'n albuudni sibila bifti muraasni akka namaa sifahu nama gargaara, moleekuuloota miidha geessisan (raadikaaloota bilisaa) qaama keessa jiran kan dhabamsiisu yoo ta'u

madaan akka namaa fayyu nama ni gargaara.

• Kuduraaleen baalli isaanii magariisaa madda foolik asiidii gaarii yoo ta'an foolik asiidiin immoo seeliiwwan dhiigaa diimaa fayyaa taasiisuufi manyee ulfaa garaa keessa jiru dhibeewwan irraa ittiisuuf faayidaa qabeessa dha.

• Kuduraalee baalli isaanii magariisaa ta'aanii akka gurraachahuu dhaqan albuuda sibiilaa kan of keessaa qaban yoo ta'u albuudni sibiilaa immoo dhiigni ykn heemoogiloobiniin akka uumamu kan

taasiiisu yoo ta'u heemoogiloobiniin pirootiinii seeliiwwan dhiiga diimaa kan qilleensa qulqulluu qaamaaf ykn fooniif geessu dha; maashaalee fi sammuun sirriitti akka hojjatan kan dandeessisu dha.

Nuutireentiiwwan akkamiin akka nyaata keessa turan taasiisnaa?

Akaataatti nyaata keenya ol kaawwannu ykn kuufannu, qopheessinuufi bilcheessinu qabiyyeewwan nuutireentii isa keessa jiru irra dhiibbaa ni geessisa. Fakkeenyaaf , vaayitaamiin C fi fooliik asiidiin yeroo nyaata bilcheefannu nu jalaa ni dhabamu. Tooftaalee dhabamuu nuutireentii itti xiqqeessinu:

• Kuduraalee fi fuduraalee guyyaa itti fayyadamnu bituu ykn kutachuu fi bakka qabanahaa kuusuu ykn

kaa'uu;

• Kudeuraalee fi hiddawwan istaarchii qaban kan reefu qotamanii bahan qulqulleessuun kukkutuu;

Kudraalee baala magariisaa bilcheessuu

• Kuduraalee bishaan xiqqoo ykn ittoo

keessatti hanga inni bilchaatuutti

bilcheessuu; tooftaalee kuduraaleen itti

bilchaatan kan qabiyyee nuutireentii isaa

eeguuf tolan keessaa inni biraan eelee

waaddii irratti sochoosuun bilcheessuu dha (kana jechuun oo'a ol'aanaa irratti saffisaan waaduun bilcheessuu), or danfisuu (jechuun eelee waaddii ykn birdiistii keessatti coomaan ykn zaayita keessa buusuun bilcheessuu)

• Nuti Vaayiitaamin A kan nyaata keessa jiru caalaatti kan nuuf sifahu yeroo nyaatni bilchaatu fi yeroo cooma wajjin nyaatamudha (garuu akka malee kan hin bilchaanne).

• Kuduraalee baala qaban waayita gogisinu, gaaddisa jala goonee ta'uu qabal fkn, gogsiituu soolaaritiin gogsuu. Qara biiftuu keessa kaa'anii gogsuun kaarootiinii dabalataa (vaayitaamin A) akka dhabamu ni taasiisa.

Qajeelfama Nyaata Maatii (FAO) (2004)

Amala qabiyyee nyaata kuduraalee fi fuduraalee biyya keessaa Qabiyyee nuutirantii kuduraa/fuduraa nyaatamu dheedhii 100g keessatti argamuu fi gumaacha inni fedhii nuutirantii qaama keenya guyyaan barbaachiisuuf taasiisu dhibbeentaadhaan (gidduu galeessan amma gaheessa dubartii fi dhiira waggaa 19-50 barbaachiisu).

Sanyiiwan kuduraalee kanneen gaaddisa jalatti dursa argatanii oomishamuu qabanaiifi nyaata namaaf oolan

Sanyiiwwan kuduraa fi fudraa adda addaa saddeet qopheessuu fi facaasuu ykn dhaabuu haala guddunfaatiin tarreefamaniiru.

• Sanyiiwwan kunneen miseensota garee piroojeektii dhaabbata "NutriHAF"tiin qotee bultootaa fi abbootii gahee naannichatti argaman wajjin dhiyeenyaan waldeegaruun Zoonii Ce'umsaa Misooma Biqiltuu Yaayyuu, Itoophiyaatiif filaman dha. Filannoon sanyii kun kan taasifame nyaataaf ooluu isaaniifi gaaddisa jalatti faca'anii biqiluu danda'uuf carraa guddaa kan qaban fi sirna gaaddisa jalatti oomishamuuf kan mijatan ta'uu isaanii

ilaaluun dha.

• Kuduraalee afur Boqonnaa 3 keessatti ibsaman Yaayyuutti kan yaaliin isaan irratti taasime yoo ta'u

• Yaadootni deegarsaa miidhaanoota hundaaf kennaman harka caalaan odefannoo Wiirtuu Kuduraa Addunyaa,

Dhaabbata PROTA – Qabeenya Biqiltuu Afrikaa Naannoo Mudhii lafaatti argaman fi Daataabeezii Biqiltoota Mudhii Lafaa Faayidaa Qabeessa Ta'an (Wabiiwwan argachuuf boqonnaa 6 ilaala.)

• Yaadootni waa'ee midhaan facaasuu ykn oomishuu ilaalchisee kennaman harka caalaan dirree banaa irra facaasuuf kan kennaman yoo ta'u gaddisa jalatti oomishuuf waanta totkko tokko fooyyeessuu barbaachiisa.

Fakkeenyaaf: walirraa fageenye yeroo mara bal'aa ta'uu barbaachiisa.

Qajeelfamicha akkamitti itti fayyadamna?

• Qajeelfamni kun kuusaa jechootaa addaa kan odefannoowwan hunda waa'ee sanyiiwwan kudraa fi fuduraa ilaalchisee kan keessaa ilaalu ta'ee tajaajiluu ni danda'a –odefannoowwan

Haala Oomishaalee adda addaa ittiin oomishan qofa osoo hin taane dhimmoota nyaachuu kan akka:

• Oomisha: Midhaanichi bakka kamitti sirritti biqila?

Midhanichi akkamitti faca'a?

Midhaanichi akkamitti baay'ata? Midhaanichi akkamitti walitti qabama?

• Nyaachuu/Itti fayyaamuu: Midhaanicha ykn oomishicha keessa maalisaatu nyaatama?

Faayidaan nutiraantii nyaatichaa addatti maal dha?

Oomishicha akkamiin qopheessinee otuu inni baadiin kaa'uu dandenya?

Adeemsa qophii

• Kudaaraalee fi fuduraaleen haala ol'aanaatiin waqtii irratti kan hunda'an waan ta'aniif, xumura qajeelfama

kana irratti, gabateen waa'ee argama waqtii fi oomisha kuduraalee fi fuduraalee biyya keessaa ni tarreessa.

Kunis yoom fi yeroo hangamiitiif kuduraalee fi fuduraalee walitti qabuu akka dandessan saffisaan argachuuf

isin fayyada.

• Amala qabiyyee nyaataa: odeefannoon tarreefamaa fakkii fuula darbe irra jiru irratti kennamee jira, haa ta'u

malee yaada amala nyaataa sanyiiwwan furtuu ta'anii saffisaa fi haala gadi fageenya hin qabneen argachuuf,

qabiyyeen vaayitaamin A, Vaayitamiin C, fooliik asiidii fi albuuda aayireenii ykn sibiila baalota keessa jiru (haala

biraatiin yoo ibsame irraa kan hafe) geengoo hamma adda addaa qaban sadii kan kuduraan tokkoon tokkoon isaa qabiyyee ol'aanaa, gidduu galeessaa fi gadi aanaa kan qaban ta'uu agarsiisaniin mul'ifamaniiru.

• Nuuwireetiin tokkoon ishee gahee mataa ishee kan tapphattu ta'uu isaa irraa kan ka'e qofaa out hin taane

kuduraalee fi fuduraalee dabalatee nyaatawwan gosa addaa guyyaatti nyaaachuun akkuma waliigalaatti

faayidaa qabeessa waan ta'eef kuduraalee fi fuduraaleen qaama nyaata keenya kan guyyaa maalii akka ta'uu

qaban ilaalchisee odeefannoo dabalataa argachuuf boqonnaa 2 ilaala.

Vit A Vit C

Fooliik

Asiidii

Sibiila

Baala Ambaarxiffo (Amaranthus spp.)

Ambaarxifoon bakka kamitti akka

gaariitti biqilaa?

• Ambaarxifoo bakka aduu guutuu ykn gartokkee qabuu fi bakka oo'aa ol'aanaa qabu kan barbaadu yoo ta'u iddoowwan oo'inni isaanii 15-18°C gadi ta'anitti sirriitti firii hin kennu.

• Gositti biyyee filatamaan biyyee cirracha /suphee gabbataa ykn suphee kan bishaan sirriitti keessa yaa'e dha.

• Biqiltuun kun ongee ni dandamata; yeroo waqtii gogiinsaa torbanitti yeroo tokko bishaan obaasamuu barbaada. Bishaan yoo dhuguu baate, biqiltuun kun habaaboo baasuu kan eegalu yoo ta'u oomisha baala kennuu ni dhaaba.

• Biqiltun kun qorra, asiidummaa fi lolaa

dandamachuu hin danda'u.

Biqiltuun Ambaarxiffo akkamiin dhaabama ykn faca'aa?

• Waggaa guutuu kalllattiin madabii irra gadi fageenya 0.5-1.0cmtiin sararraan 20-30cm walirraa fageessuun ykn toormaalee dhaabuu ykn facaasuu.

 Walirraa fageessuun gaaddiisa jalaa bal'aa akka ta'uu qabu hubadhaa!

• Toora biqiltootaa gidduu walirraa fageenyi 20-30cm fi toora irratti immoo biqiltuu fi biqiltuu gidduu 10-15cm akka jiraatu gochuuf akkuma baala isa dhugaa 3-4tti baaseen torbee 3 booda hojiin haphisuu ni hojjatama.

 Biqiltuuwwan haphisuuf jecha kaafaman akka nyaata kuduraatti faayidaa irra ooluu kan danda'an ta'uu hubadhaa!

Ambaarxifoo akkamiin baay'ataa?

• Sanyii oomishuuf, walirraa fageenyi akka jiraatu gorsamu toora gidduu 60cm fi biqiltoota gidduu 25cm dha.

• Baala kichuu otuu hin cooligiin kutaa.

*Gara fuula 9 tti naanna'e*

# Ispoortii



Bara 2 | Lakk. 98 | Maxxansa Torbe | Roobii - Guraandhala / 29 / 2015 ALI | Gatii Qar. 2:00

## Atleetonni Itoophiyaa Maaratoonii Tookiyoo Olaantummaan Xumuran.

Ahmad Mahamadiin

Atleetoonni Itoophiyaa maaraatoonii fiigicha dhiirootaatiin sadarkaa 1ffaa hanga 3ffaa jiru qabachuun xumuranii jiran.

Atleetonni Itoophiyaa kunneenis dorgommii fiigicha maaraatoonii Tookiyootti Dilabata Biitooteessa 5, 2023 gaggeeffameen maaraatoonii dhiirootaatiin sadarkaa tokkoo hanga sadaffaa dhunfachuun olaantummaan xumuran.

Dorgommii maaraatoonii dhiiraatiin atileetonni Itoophiyaa sadarkaa tokkoo hanga sadaffaa qabachuu yoo xumuran, dubartootaan ammoo sadarkaa lammaffaa hanga arfaffaa dhunfachuu danda'anii jiran.

Fiigicha maaraatonii dhiiraatiin Deessoo Galmiisaa 2:05:22 dorgomicha olaantummaan xumuree jira.




Atleetii umuriin wagga 25 kan ta'e Deessoon dorgommii maaraatonii addunyaa kana injifachu kan danda'e, hiriyyoota isaa kan ta'an Mahaammad Issaa fi Tsagaayee Geetaachoo hordofsiisee galuudhaan.

Xumura dorgommichaarratti atileetoonni jaha kaan dhiisanii fulduratti bahuun dorgommii cimaa taasisanii jiran.

Lammiin Keeniyaa Taayitas Kipirutoo, lammiin Kaanaadaa Kaameeruun Leeviinsi fi lammiileen Itoophyaa Dassoo Galmiisaa, Tsagaayee Geetaachoo, Damee Taaduu fi Mohaammad Isaa hanga xumura dorgommichaatti kokkee wal qabatanii fiigaa turan.

Lammiin Kaanaadaa Liiviinsi hanga km 39tti dursaa turullee wayita meetirri 400 hafu garuu Deessoo Galmiisaa saffisa dabaluun injifataa dorgommichaa ta'uu danda'ee jira.

Atleetiin Kaanaadaa atleetoota shan hordofsiisuun hanga kilomeetiroota dhumaatti dursaa turuus, 2:05:38 irratti galuun sadarkaa shanaffaa bahuudhaan xumuuruun, Kaaba Ameerikaatti sa'aa saffiisaa ta'e galmeessuu danda'ee jira.

Atleetiin Itoophiyaa kan biraa ammoo Damee Taadduu sadarkaa jahaffaan dorgommicha xumuree jira.

Dorgommii fiigicha maaraatonii dubartootaatiin ammo lammiin Keeniyaa Roozmarii Waanjiiru tokkooffaan yoo xumurtu, atileetoonni Itoophiyaa ammo sadarkaa lammaffaa hanga arfaffaa dhuunfachuun xumuranii

*Gara fuula 9 tti naanna'e*

## Waldorgommii ispoortii manneen barnootaa irratti xiyyeeffannoon hojjachuun ispoortii biyyaaleeysaa cimsuudha ja'ame.

Ahmad Mahamadiin

Waldorgommiin ispoortii manneen barnootaa bulchiinsa Dirree Dhawaa bara 2015 dirree Saaphiyaanitti eegaleeti jira.

Itti gaafatamtuun biiroo barnootaa bulchiinsa Dirree Dhawaa Aadde Muluukaa Mahammad, Itti gaafatama biiroo Maallaqaa fi misooma Diinagdee Obbo Sulxaan Aliyyii, itti aanaa Federeeshinii kubbaa miilaa bulchiinsa Dirree Dhawaa dargaggoo Guleed Mahaammad fi keesummoonni biroo akkasumas barattootaa fi barsiisonni manneen barnootaa sirna baniinsa dorgommii kanaarratti arkamanii jiran.

Sirna baniinsa waldorgommichaa Dirree Saaphiyaanitti gaggeeyfame kanarratti haasawa kan taasisan itti gaafatamuun biiroo fayyaa bulchiinsa Dirree Dhawaa Aadde Muluukaa Mahaammad Ispoortiin fayyaaf, Nageenyaa fi michummaaf faayidaa qaba kan jennuu ol hiikkaa olaanaa kan qabuudha. Lammii fayyaa



qabeessa sammuun yaaduu danda'u kan ga'umsa qaamaatiin dorgomaa tahee fi biyya maqaa yaamsisu horachuuf ispoortiin waan hundaa ol murteeysaadha. Kanaafiis akka biiroo barnootaa bulchiinsa Dirree Dhawaatti waldorgommiin ispoortii manneen barnootaa kun ispoortii bulchinsaa weerara 'Covid-19' booda dadammeeysuu danda'a jennee waan itti amannee fi ispoorteessitoota bakka bu'oo ta'an manneen barnootaa keessaa arkachuun murteessaa tahuu hubachuun dorgommiin ispoortii manneen barnootaa kun gaggeeyfamu kallattiin kaa'ame jechuun dubbatanii jiran.

*Gara fuula 12 tti naanna'e*

## Taphni Darbii Laankishaayeer olaantummaa goolabame.

Ahmad Mahamadiin

Piriimar Liigii Ingilaandi torbee 26ffaan taphni darbii Laankishaayeer Liivarpuul fi Maanchiatar Yunaaytiid jiddutti gaggeeyfame olaantummaa Liivarpuuliin goolabamee jira.

Liivarpuul tapha cimaa istaadiyeemii Anfiilditti masaanuu isaa Maanchistar Yunaaytiid simate kanaan tapha ajaa'ibaa bara kana taphatee hin beeyne taphachuun goolii walakkaa darzanaa olii 7 fi 0n injifatee jira.

Koodi Gaakpoo,Daarwiin Nuunez fi Mahammad Saalaa gooliiwwan lama-lama, Roobeertoo Firmiinoo takka Liivarpuuliif galchanii jiran.

Gooliiwwan lama galchee lama mijjeessee kan laate Mahaammad Saalaa taphataa cimaa tapha kanaa tahuun filatamee jira.




Taphataan sarara fuulduraa kun taphataa Liivarpuul jalqabaa taphoota 5 walitti aansuun Maanchistar Yunaaytiid waliin taphatame irratti goolii galche tahuu danda'ee jira.

Saalaan liigichaan Liivarpuuliif gooliiwwan 129 galchuuniis liigii kana keessatti goolii galchuun sadarkaa olaanaa kilabichaa qabatee jira.

Maanchistar Yunaayitiid erga Waancaa Liigii injifatee torbaan tokko booda, gooliiwwan torba Liivarpuuliin itti galee injifatamuudhaan seenaa Piriimar Liigii keessatti tapha garaagarummaa goolii

*Gara fuula 9 tti naanna'e*